Waggaa 33 ffaa..... Lak. ..........1/2017
33ኛ ዓመት........ቁጥር.............1/2017
33th year ........... No. .............1/2024

Finfinnee,............. Amajjii 11 Bara 2016
ፊንፊኔ፣................ ጥር 11 ቀን 2016 ዓ.ም
Finfine,........................January 20, 2024

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 60<br>የአንዱ ዋጋ ...................... ብር 60<br>Unit Price ........................ Birr 60 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሣ.ቁጥር ..............21383-1000<br>P.O.Box ...................... 21383-1000 |

| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Dambii Lak. 245/2016** | **ደንብ ቁጥር 245/2016** | **Regulation No. 245/2024** |
| Dambii Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 223/2012 fi 237/2013 Raawwachiisuuf Bahe Lakkoofsa 245/2016..........................Fuula 1 | የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012 እና 237/2013 ለማስፈጸም የወጣ ደንብ ቁጥር 245/2016 .......................................ገጽ 1 | Regulation to Implement the Amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration, Proclamation Number 223/2020 and 237/2021 Number 245/2024 ......................Page 1 |

## Dambii Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 223/2012 fi 237/2013 Raawwachiisuuf Bahe Lakkoofsa 245/2016

Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 223/2012 fi 237/2013 raawwachiisuuf Dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 223/2012 Keewwata 80 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012 እና 237/2013 ለማስፈጸም የወጣ ደንብ ቁጥር 245/2016

ተሻሽሎ የወጣውን የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012 እና 237/2013 ለማስፈጸም ደንብ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012 አንቀጽ 80(1) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል።

## Regulation to Implement the Amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration, Proclamation Number 223/2020 and 237/2021 Number 245/2024

WHEREAS, it has become necessary to issue Regulation to implement the amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration, Proclamation Number 223/2020 and 237/2021;

NOW, THEREFORE, in accordance with the amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration, Proclamation Number 223/2020 Article 80(1), this Regulation is hereby issued.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**
Dambiin kun "Dambii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 245/2016" jedhamee waamamu ni danda'a.

2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Abbaa Taayitaa" jechuun Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jiru kan dabalatuudha.
2) "Argannoo" jechuun albuuda haaraa dursee hayyamni barbaachaa yookiin qorannoo albuudaa irratti hin kennamneefi qaama biraatiin hin argamne argachuu jechuudha.
3) "Albuuda Industirii" jechuun kallattiinis ta'ee al-kallattiin galtee industiriif kan tajaajilan kan akka kaa'ooliinii, beentoonaayitii, kuwaartiizii, dhakaa cilee, dhakaa nooraa, jeessoo, hoofii, biyyoo suphee, graafaayitiifi albuudaalee Abbaan Taayitichaa Qajeelfamaan albuuda industirii jedhee moggaasu kamiyyuu ta'ee, albuudaalee sibiilaa, kabajamoofi gam-tokkee kabajamoo kan hin dabalanne jechuudha.
4) "Boordii" jechuun Boordii hojiiwwan misooma albuudaa ol'aantummaan hogganu ta'ee bu'uura Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 237/2013 tiin hundeeffame jechuudha.
5) "Gabasaa Raawwii Hojii" jechuun gabaasa raawwii teknikaafi faayinaansii abbaan hayyama hojii albuudaa bu'uura waliigaltee seeneen tarreeffama hojii raawwateefi bu'aa argameen walqabsisuun qopheessee dhiyeessuu jechuudha.



## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. **አጭር ርእስ**
ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር ደንብ ቁጥር 245/2016" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

1) "ባለሥልጣን" ማለት የኦሮሚያ ማዕድን ልማት ባለሥልጣን እና በየደረጃው ያለውን መዋቅሩን የሚጨምር ነው፡፡
2) "ግኝት" ማለት አስቀድሞ የፍለጋ ፈቃድ ወይም የጥናት ፈቃድ ያልተሰጠበት እና በሌላ ሰው ያልተገኘ አዲስ ማዕድን ማግኘት ማለት ነው፡፡
3) "የኢንዱስትሪ ማዕድን" ማለት በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ ለኢንዱስትሪ ግብዓትነት የሚያገለግሉ እንደ ካኦሊን፣ ቤንቶናይት፣ኳርትዝ፣ የድንጋይ ከሰል፣ላይምስቶን፣ ጂፕሰም፣ ፑሚስ፣ የሸክላ አፈር ግራፋይት እና ባለሥልጣኑ በመመሪያ የኢንዱስትሪ ማዕድን ብሎ የሚሰይመው ማናቸውም ማዕድናት ሆኖ የብረት ማዕድናት፣ የከበሩ እና በከፊል የከበሩማዕድናትን የማይጨምር ማለት ነው፡፡
4) "ቦርድ" ማለት የማዕድን ልማት ስራዎችን በበላይነት የሚመራ ቦርድ ሆኖ ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 237/2013 መሰረት የተቋቋመ ማለት ነው፡፡
5) "የስራ አፈጻጸም ሪፖርት" ማለት የማዕድን ሥራ ባለፈቃድ በገባው የውል ስምምነት መሠረት ያከናወናቸውን ዝርዝር ተግባራት እና የተገኘውን ውጤት በማያያዝ አዘጋጅቶ የሚያቀርብ የቴክኒክ እና የፋይናንስ አፈጻጸም ሪፖርት ማለት ነው፡፡



## Part One
## General Provisions

1. **Short Title**
This Regulation may be cited as "Oromia Region Mineral Development Operations Administration Regulation Number 245/2024."

2. **Definitions**
Unless the context requires otherwise, in this Regulation:

1) "Authority" means Oromia Mineral Development Authority and includes its structures at each level.
2) "Discovery" means to discover a new mineral that has not been previously licensed for search or exploration and has not been discovered by another body.
3) "Industrial Mineral" means any mineral directly or indirectly used for industrial input such as Kaolin, Betonies, Quartz, Coal, Limestone, Gypsum, Pumice, Clay, Graphite and includes any other mineral which the Authority may, by Directive, designate as such, excluding metallic, precious and semi-precious minerals.
4) "Board" means the board in charge as chief leadership of mining development activities established in accordance with the amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration Proclamation Number 237/2021.
5) "Work Performance Report" means the technical and financial performance report prepared and presented by the licensee in accordance with the license agreement by associating the details of the work he performed and the result thereof.

6) "Gahumsa Teknikaa" jechuun ragaa namni hojiiwwan albuudaa irratti bobba'uuf iyyatu kamiyyuu karoora sagantaa hojii albuudaa raawwachuuf beekumsa, dandeettiifi muuxannoo gahaa qabaachuu isaa mirkaneessuuf dhiyeessu jechuudha.
7) "Haala Faayinaansii" jechuun humna maallaqaa dabalatee, ragaa hanga maallaqaa iyyataan hojii albuudaa hojjechuuf karoorfate irra oolchuuf qopheeffate mul'isu jechuudha.
8) "Hawaasa Naannawa Daangaa Naannoo Hayyamaa" jechuun hawaasa naannawa daangaa hojiin qorannoo yookiin oomishni albuudaa itti gaggeeffamu keessa jiraataniifi kallattiin yookiin al-kallattiin dhiibbaan irra gahu jechuudha.
9) "Humna Maallaqaa" jechuun hayyama hojiiwwan albuudaa argachuuf namni gaafate kamiyyuu yoo xinnaate karoora hojii albuudaa bara calqabaa irratti qabate raawwachuuf isa dandeessisu maallaqa madaalawaa baankii keessaa qabaachuu isaa mirkaneessuuf ragaa dhiyeessu jechuudha.
10) "Labsii" jechuun Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 223/2012 jechuudha.
11) "Mallattoo To'annoo Albuudaa" jechuun mallattoo addaa karaa Abbaa Taayitaa yookiin qaama sadarkaan jiruun qophaa'ee to'ataan albuudaa qabatee sochoʼuufi konkolaattota albuuda fe'anii deeman ittiin dhaabsisaniifi iddoo oomisha albuudaa seenanii to'annoo ittiin gaggeessan jechuudha.
12) "Misooma Hawaasaa" jechuun hawaasa naannawa hojiin albuudaa itti gaggeeffamutti argamu fayyadamaa taasisuuf hojii haawaasummaa, diinagdeefi eegumsa naannoo raawwatamu jechuudha.



6) "የቴክኒክ ብቃት" ማለት ማንኛውም በማዕድን ሥራዎች ላይ ለመሠማራት የሚያመለክት ሰው የሚያቀርበውን የማዕድን ሥራ ፕሮገራም ዕቅድ ለማከናወን በቂ የሆነ ዕውቀት፣ ችሎታ እና ልምድ ያለዉ መሆኑን ለማረጋገጥ የሚያቀርበው ማስረጃ ነው፡፡
7) "የፋይናንስ ሁኔታ" ማለት የገንዘብ አቅምን ጨምሮ አመልካቹ ለማከናወን ባቀደው የማዕድን ሥራ ላይ ለማዋል ያዘጋጀዉን የገንዘብ መጠን የሚያሣይ ማስረጃ ነው፡፡
8) "የፈቃድ ክልል ወሰን ዙሪያ ማህበረሰብ" ማለት የማዕድን ምርመራ ወይም ማምረት ስራ በሚከናወንበት ወሰን ዙሪያ ውስጥ የሚኖሩ እና በቀጥታ ወይም በተዘዋዋሪ ተጽዕኖ የሚደርስባቸው ማህበረሰብ ማለት ነው፡፡
9) "የገንዘብ አቅም" ማለት የማዕድን ሥራዎች ፈቃድ ለማግኘት የጠየቀ ማንኛዉም ሰው ቢያንስ በመጀመሪያው ዓመት ላይ የያዘዉን የማዕድን ሥራ ዕቅድ ለማከናወን የሚያስችለው ተመጣጣኝ ገንዘብ ባንክ ውስጥ እንዳለው ለማረጋገጥ የሚቀርብ ማስረጃ ነው ፡፡
10) "አዋጅ" ማለት ተሻሽሎ የወጣው የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012 ነው፡፡
11) "የማዕድን ቁጥጥር ምልክት" ማለት በባለሥልጣኑ ወይም በየደረጃው ባለ አካል ተዘጋጅቶ የማዕድን ተቆጣጣሪ ይዞት የሚንቀሳቀሰውና ማዕድን ጭነው የሚንቀሳቀሱ ተሽከርካሪዎችን የሚያስቆሙበት እንዲሁም የማዕድን ምርት ቦታ በመግባት ቁጥጥር የሚያደርጉበት ልዩ ምልክት ነው፡፡
12) "የማህበረሰብ ልማት" ማለት የማዕድን ሥራ በሚካሄድበት ዙሪያ የሚገኘውን ማህበረሰብ ተጠቃሚ ለማድረግ የሚከናወን የማህበራዊ፣ ኢኮኖሚያዊና የአካባቢ ጥበቃ ሥራ ነው፡፡



6) "Technical Competence" means evidence submitted by any person who applies to engage in mineral operation to prove that he has enough knowledge, skills and experience to carry out mineral operation plan program.
7) "Financial Situation" means evidence that indicates the applicant's amount of money prepared for his mining operations plan, including his financial capacity.
8) "Community of License Area" means the community living within the bordering area of mineral exploration or operation works which is directly or indirectly affected thereof.
9) "Financial Capacity" means an evidence submitted by an applicant which verifies the proportional amount of money deposited in the bank to guarantee the execution of the proposed work plan at least for the first one year.
10) "Proclamation" means the amended Oromia Region Mineral Development Operations Administration Proclamation Number 223/2020.
11) "Mineral Control Sign" means a special sign prepared by the Authority or hierarchical body and carried by the mineral inspector used to stop the movement of vehicles loading minerals and to conduct inspection by entering into mineral production area.
12) "Community Development" means the social, economic and environmental protection activity undertaken to benefit the community found in the mining area.

13) “Rakkina Humnaa Olii” jechuun rakkina abbaan hayyamaa hojiiwwan albuudaa akka hin gaggeessine taasisuufi bu’uura tumaa seera hariiroo hawaasaa rogummaa qabuutiin rakkina humnaa olii kan jedhaman jechuudha.

14) “Saamuda Albuudaa” jechuun albuuda baay’inni isaa daldalaaf kan hin oolle ta’ee, iddoo uumama isaa irraa qorannoofi qo’annoof, qorannoo laaboraatoriif, hojii beeksisaaf yookiin dhimma biraatiif albuuda qophaa’u jechuudha.

15) “Sagantaa Misoomaa” jechuun oomisha albuudaa osoo hin eegaliin dura ijaarsa bu’uuraalee, lafa hojii oomisha albuudaa sirreessuu, meeshaalee oomisha albuudaa barbaachisan bituufi iddoo oomishaatti geessuun dhaabuufi yaalii oomishaa gaggeessuu jechuudha.

### 3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun hojiiwwan albuudaafi albuudaan walqabatanii Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Iyyannoo Hayyamaa

### 5. Iyyannoo Hayyama Qorannoo

Hayyama qorannoo albuudaa argachuuf iyyanni Abbaa Taayitichaatiif dhiyaatu ragaalee armaan gadii qabaachuu qaba:

1) Iyyataan nama uumamaa yoo ta’e:

(a) Maqaa guutuu, koornayaa, umrii, iddoo dhalootaa, lammummaafi waraabbii waraqaa eenyummaa isaa;

13) "ከአቅም በላይ የሆነ ችግር" ማለት ባለፈቃዱ የማዕድን ሥራዎችን እንዳያካሂድ የሚያደርግ ችግር እና አግባብነት ባለው የፍትሐ ብሄር ህግ ድንጋጌ መሠረት ከአቅም በላይ ችግር የተባሉ ማለት ነው፡፡

14) "የማዕድን ናሙና" ማለት ብዛቱ ለንግድ የማይውል ማዕድን ሆኖ ከተፈጥሮ ቦታው ለምርምርና ጥናት፣ ለላቦራቶሪ ምርምር፣ ለማስታወቂያ ሥራ ወይም ለሌላ ጉዳይ የሚዘጋጅ ማዕድን ማለት ነው፡፡

15) "የልማት ፕሮግራም" ማለት የማዕድን ምርት ከመጀመር በፊት የመሰረተ ልማት ግንባታዎችን፤ የማዕድን ምርት ሥራ መሬትን ማስተካከል፤ ለማዕድን ምርት ሥራ የሚያስፈልጉ መሳሪያዎችን መግዛት እና ወደ ምርት ቦታ በመውሰድ መትከል እና የምርት ሙከራን ማካሄድ ነው፡፡

### 3. የጾታ አገላለጽ

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው የሴት ፆታንም ይጨምራል፡፡

### 4. የአፈጻጸም ወሰን

ይህ ደንብ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ በሚካሄዱ የማዕድን እና ከማዕድን ጋር በተያያዙ ሥራዎች ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

## ክፍል ሁለት
## የፈቃድ ማመልከቻ

### 5. የምርመራ ፈቃድ ማመልከቻ

የማዕድን ምርመራ ፈቃድ ለማግኘት ለባለሥልጣኑ የሚቀርብ ማመልከቻ የሚከተሉትን ማስረጃዎች መያዝ አለበት፡-

1) አመልካች የተፈጥሮ ሰው ከሆነ፡-

(ሀ) ሙሉ ስም፣ ጾታ፣ ዕድሜ፣ የትውልድ ቦታ፣ ዜግነት እና የመታወቂያው ኮፒ፤

13) "Force Majeure" means a problem that prevents the licensee from carrying out mining operations and is provided as force majeure according to the relevant provision of civil code.

14) “Samples of Mineral" means mineral which is not in commercial volume and taken from its natural bulk and prepared for the purpose of conducting research, laboratory testing and for market promotion or for other objectives.

15) “Development Program" means construction of infrastructures, arrangement of mineral production operation land, procurement of equipment necessary for mineral production and installation at the production site as well as conducting production test before the commencement of mineral production.

### 3. Gender Reference

In this Regulation, any expression in the masculine gender includes the feminine.

### 4. Scope of Application

This Regulation shall apply to all mineral and mineral related operations undertaken in Oromia Region.

## Part Two
## Application for License

### 5. Application for Exploration License

Application for exploration license submitted to the Authority shall contain the following evidences:

1) Where the applicant is a natural person:

(a) His full name, sex, age, place of birth, nationality and copy of identification card;

(b) Lakkoofsa Addaa Kaffalaa Gibiraa;
(c) Ogummaa isaa;
(d) Teessoo guutuu, Lakkoofsa Saanduqa Poostaafi Imeelii;
(e) Gosa albuudaa qorachuuf iyyate, ragaa ko'oordineetii "GPS" n hojjetame iddoo iyyata irratti ibsame kan agarsiisuufi kaartaa iddoo hayyamaa hojjetame;
(f) Sagantaa hojii bara hayyamaa keessatti hojjechuuf karoorfate kan ogeessa muuxannoo gahaa qabuun qophaa'e;
(g) Sagantaan hojii gorsaadhaan kan hojjetame yoo ta'e, ragaa gahumsa dandeettii gorsaafi hayyama daldalaa qaama dhimmi ilaaluun kennameefi haaromfame;
(h) Iddoon hayyamni qorannoo irratti gaafatame ragaa ji'oo saayinsii armaan dura beekamu, sagantaa hojii isaafi sanada baasii agarsiisu;
(i) Ragaa dandeettii teknikaafi muuxannoo qabaachuu ibsu;
(j) Ragaa maallaqa gahaa qabaachuu isaa qaama dhimmi ilaalu irraa kennamee; fi
(k) Ragaa biroo Abbaan Taayitichaa Qajeelfama baasuun murteessu.

2) Iyyataan qaama seeraan mirgi namummaa kennameef yoo ta'e, Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ragaaleen rogummaa qaban guutamuun isaanii akkuma eegameetti ta'ee:
(a) Maqaa, lammummaafi kaappitaala dhaabbatichaa;
(b) Teessoo waajjira muummee, maqaafi teessoo miseensoota dhaabbatichaa;
(c) Dambii ittiin bulmaataafi barreeffama hundeeffamaa dhaabbatichaa;
(d) Dhaabbatichi hojii keessa kan ture yoo ta'e, herreega waggaa 3n (sadan) darbanii, ragaa odiitii bu'aafi kasaaraa agarsiisu;
(e) Dhaabbatichi Boordiin kan bulu yoo ta'e, ragaaleen ittigaafatamaa dhaabbatichaan guutamanii dhiyaatan:

(ለ) የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር፤
(ሐ) ሙያው፤
(መ) ሙሉ አድራሻ፣ የፖስታ ሳጥን ቁጥር እና ኢሜል፤
(ሠ) ለመመርመር ያመለከተው የማዕድን ዓይነት፣ በ "ጂፒኤስ" ኮኦርዲኔት ተሰርቶ በማመልከቻው የተገለጸውን ቦታ የሚያሳይ ማስረጃ እና የተሰራ የፈቃድ ቦታ ካርታ፤
(ረ) ልምድ ባለው ባለሞያ የተዘጋጀ በፈቃድ አመቱ ውስጥ ለመስራት ያቀደው የስራ ፕሮግራም፤
(ሰ) የስራ ፕሮገራሙ በአማካሪ የተሰራ ከሆነ የአማካሪው የችሎታ ብቃት ማስረጃ እና በሚመለከተው አካል የተሰጠ እና የታደሰ የንግድ ፈቃድ፤
(ሸ) የምርመራ ፈቃድ የተጠየቀበት ቦታ ከዚህ በፊት የሚታወቅ የጂኦሳይንስ፣ የስራ ፕሮግራሙን እና የወጪ ሰነድ የሚያሳይ ማስረጃ፤
(ቀ) የቴክኒክ ችሎታ እና ልምድ ያለው መሆኑን የሚገልጽ ማስረጃ፤
(በ) በቂ ገንዘብ ያለው ስለመሆኑ ከሚመለከተው አካል የተሰጠው ማስረጃ፣ እና
(ተ) ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ የሚወስን ሌላ ማስረጃ፡፡

2) አመልካች በህግ የሰውነት መብት የተሠጠው አካል ከሆነ በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1 ስር አግባብነት ያላቸው ማስረጃዎች መሟላታቸው እንደተጠበቀ ሆኖ ፡-
(ሀ) የድርጅቱ ስም፣ ዜግነት እና ካፒታል፤
(ለ) የድርጅቱ የዋና መስሪያ ቤት አደራሻ፣ አባላት ስም እና አድራሻ፤
(ሐ) የድርጅቱ መተዳደሪያ ደንብና የመመስረቻ ጽሁፍ፤
(መ) ድርጅቱ ስራ ውሰጥ የቆየ ከሆነ ያለፉት የ3 (ሶስት) አመታት ሂሳብ፤ትርፍና ኪሳራ የሚያሳይ የኦዲት ማስረጃ፤
(ሠ) ድርጅቱ በቦርድ የሚተዳደር ከሆነ በድርጅቱ ኃላፊ ተሞልቶ የሚቀርቡ ማስረጃዎች፡-

(b) Special number of taxpayers;
(c) his profession;
(d) Full address, Post Box Number and Email;
(e) Type of mineral applied for exploration, coordinate evidence that the prepared "GPS" shows the area subject to an application and the prepared map of license area;
(f) Work program he has planned to perform within the license year prepared by professional having enough experiences;
(g) Where the work program is prepared by the consultant, a certificate of consultant's competence and trade license granted to him by the concerned body which is renewed thereof;
(h) A geo-science evidence known previously regarding the area for which exploration license is requested, his work program and document indicating expenditure;
(i) Evidence describing that he has both technical skills and experiences;
(j) Evidence indicating that he has sufficient funds issued by the concerned body; and
(k) Other evidences which the Authority may determine by the Directive to be issued by it.

2) Where the applicant is a legal person, without prejudice to the fulfillment of relevant evidences under Sub-Article 1 of this Article:
(a) name, nationality and capital of the organization;
(b) Address of head office, name and address of members of the organization;
(c) Articles and memorandum of association of the organization;
(d) Where the organization has been on duty, audit evidence that shows profit and loss of its accounts for the past 3 (three) years;
(e) Where the organization has been governed by Board, the evidences presented being filled by the head of the organization:

(i) Kooppii dhumaa gabaasa waggaa Boordii Daayireektarootaa; fi

(ii) Maqaafi teessoo miseensota Boordii Daayireektarootaa.

3) Iyyanni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 tiin dhiyaate:

(a) "Fleeksii Kaadeestaraa" irratti ni galmaa'a.

(b) Abbaan Taayitichaa bakka iyyanni irratti dhiyaate teessoofi daangaan "GPS" Ko'oordineetiidhaan ibsame tuquun gaazexaa mootummaa uwwisa bal'aa qabu irratti guyyoota hojii 7f (torbaaf) bahee qilleensa irra akka oolu xalayaa ni barreessa.

(c) Baasiin dhimma kanaaf bahu iyyataan kan uwwifamu ta'a.

(d) Garagalchi xalayaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (b) tiin barreeffamee guyyaa bahii ta'e irraa eegalee guyyoota 3 (sadii) keessatti karaa nama hayyama gaafateetiin Waajjira Bulchiinsaa Aanaa hayyamni keessatti gaafatamee dhaqqabuu qaba. Xalayaan Bulchiinsaa Aanichaa dhaqqabuu isaa Abbaan hayyamaa ragaa mirkaneessu dhiyeessuu qaba.

(e) Bulchiinsi Aanichaa guyyaa xalayaan isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota hojii 7 (torba) keessatti mormii yoo qabaate dhiyeessuu qaba.

4) Namni hayyamni qorannoo albuudaa kennameef kamiyyuu gara oomishaatti ce'uuf yoo xinnaate turtii yeroo hayyamaa keessaa waggaa 1 ½ (tokkoofi walakkaaf) hojii qorannoo sirnaan gaggeessuu qaba.

(i) የዳይሬክተሮች ቦርድ ዓመታዊ ሪፖርት የመጨረሻ ኮፒ፤ እና

(ii) የዳይሬክተሮች ቦርድ አባላት ስምና አድራሻ፡፡

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 መሰረት የቀረበ ማመልከቻ፡-

(ሀ) በካዳስቴር ፍሌክስ ላይ ይመዘገባል፡፡

(ለ) ባለሥልጣኑ ማመልከቻ የቀረበበትን ቦታ በጂፒኤስ ኮኦርዲኔት የተገለጸዉን አድራሻ እና ወሰን በመጥቀስ ሰፊ ሽፋን ባለው የመንግስት ጋዜጣ ላይ ወጥቶ ለ7 (ሰባት) የስራ ቀናት አየር ላይ እንዲውል ደብዳቤ ይጽፋል፡፡

(ሐ) ለዚህ ጉዳይ የሚወጣው ወጪ በአመልካች የሚሸፈን ይሆናል፡፡

(መ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 (ለ) መሰረት የተጻፈ ደብዳቤ ግልባጭ ወጪ ከሆነበት ቀን አንስቶ በ3 (በሶስት) ቀናት ውስጥ ፈቃድ በጠየቀው ሰው በኩል ፍቃዱ የተጠየቀበት ወረዳ አስተዳደር ጽሕፈት ቤት መድረስ አለበት፡፡ባለፈቃዱ ደብዳቤው ወረዳ አስተዳደሩ ዘንድ መድረሱን የሚያረጋግጥ ማስረጃ ማቅረብ አለበት፡፡

(ሠ) የወረዳው አስተዳደር ደብዳቤው ከደረሰው ቀን አንስቶ በ7 (ሰባት) የስራ ቀናት ውስጥ ተቃውሞ ካለው ማቅረብ አለበት፡፡

4) የማዕድን ምርመራ ፈቃድ የተሰጠው ማንኛዉም ሰው ወደ ምርት ለመሸጋገር ቢያንስ ከፈቃዱ የቆይታ ጊዜ ውስጥ ለ1 ½ (አንድ ዓመት ከግማሽ) የምርመራ ስራን በአግባቡ ማከናወን አለበት፡፡

(i) Final copy of the annual report of the Board of Directors;

(ii) Name and address of the members of the Board of Directors.

3) Application submitted in accordance with sub-article 1 and 2 of this Article:

(a) Shall be recorded on the "Cadaster Flex"

(b) The Authority shall write a letter the address and boundary of the area applied for that is described by "GPS" coordinate to remain on air for 7 (seven) working days being issued on the government newspaper having wider coverage.

(c) The costs incurred for this matter shall be covered by the applicant.

(d) Copy of the letter written pursuant to sub-article 3 (b) of this Article shall reach the Administration Office of the District in which the license has been requested by the person requesting the license within 3 (there) days from the date of its depurtre. The license holder shall submit an affirmation evidence that the letter has reached the Administrative Office of the District.

(e) Where the Administration of the District has an objection, it shall present it within 7 (seven) working days from the date of receipt of the letter.

4) Any mineral exploration license granted person shall conduct research work appropriately at least for 1 ½ (one and half) year out of the license period duration to proceed to production.

**6. Iyyannoo Hayyama Qabatanii Turuu**

Iyyanni hayyama qabatanii turuu argachuuf Abbaa Taayitichaaf dhiyaatu ragaalee armaan gadii hammachuu qaba:

1) Iyyataan hayyama qabatanii turuu gaafachuuf bu'uura kan godhate lakkoofsa addummaa hayyama qorannoo albuudaa;
2) Ko'oordineetii Teessuma Lafaa hayyamni qabatanii turuu irratti gaafatame;
3) Gabaasa teknikaa kuufama albuudaa hojii qorannootiin adda bahee mirkanaa'e agarsiisu;
4) Kuufama albuudaa gara oomishaatti ceesisuuf kan hin dandeessifne haala gabaa gaarii hin taane, teknolojiin ittiin oomishamu dhabamuu yookiin ragaa biroo haala dhimmoota diinagdummaa ibsan;
5) Bara hayyamni qabatanii turuu ittigaafatame keessatti karoora tarkaanfii furmaataa sagantaa qophaa'e ibsu;
6) Labsicha Keewwata 22 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, yeroo hangamiif hayyama qabatanii turuu akka barbaadu ibsuu qaba.

**7. Iyyannoo Hayyama Oomisha Albuudaa Sadarkaa Xiqqaafi Guddaa**

Labsicha Keewwata 25 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ulaagaan tumame akkuma eegametti ta'ee, iyyanni hayyama oomisha albuudaa sadarkaa xiqqaafi guddaa argachuuf Abbaa Taayitichaaf dhiyaatu ragaalee armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:

1) Iyyataan nama uumamaa yoo ta'e: Ragaaleen Dambii kana Keewwata 5 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumamaniifi dhimma kanaaf rogumma qaban dhiyaachuun akkuma eegametti ta'ee:

**6. ይዞ የመቆየት ፈቃድ ማመልከቻ**

ለባለሥልጣኑ የሚቀርበው ይዞ የመቆየት ፈቃድ ማመልከቻ የሚከተሉትን ማስረጃዎች ማካተት አለበት፡-

1) አመልካች ይዞ የመቆየት ፈቃድ ለመጠየቅ መሠረት ያደረገውን የማዕድን ምርመራ ፈቃድ መለያ ቁጥር፤
2) ይዞ የመቆየት ፈቃድ የተጠየቀበት የመሬት አቀማመጥ ኮኦርዲኔት፤
3) በምርመራ ሥራ ተለይቶ የተረጋገጠ የማዕድን ክምችት የሚያሳይ የቴክኒክ ሪፖርት፤
4) የማዕድን ክምችትን ወደ ምርት ለማሸጋገር የማያስችል ጥሩ ያልሆነ የገበያ ሁኔታ፣ የሚመረትበት ቴክኖሎጂ መጥፋት ወይም ኢኮኖሚያዊ ጉዳዮች ሁኔታን የሚገልጹ ሌሎች ማስረጃዎች፤
5) ይዞ የመቆየት ፈቃድ በተጠየቀበት ዓመት ውስጥ የተዘጋጀውን ፕሮግራም የሚገልጽ የመፍትሔ እርምጃ ዕቅድ፤
6) በአዋጁ አንቀጽ 22 ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ይዞ የመቆየት ፈቃድን ለምን ያህል ጊዜ እንደሚፈልግ መግለጽ አለበት፡፡

**7. የአነስተኛ እና የከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ማመልከቻ**

በአዋጁ አንቀጽ 25 ንኡስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገው መስፈርት እንደተጠበቀ ሆኖ ለባለሥልጣኑ የሚቀርብ የአነስተኛ እና የከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ሥራ ፈቃድ ማመልከቻ የሚከተሉትን ማስረጃዎች በውስጡ ማካተት አለበት፡

1) አመልካቹ የተፈጥሮ ሰው ከሆነ፡-
በዚህ ደንብ አንቀፅ 5 ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገጉ እና ለዚህ ጉዳይ አግባብነት ያላቸው ማስረጃዎች መቅረብ እንደተጠበቀ ሆኖ፡-

**6. Application for Retention License**

Application for retention license submitted to the authority shall include the following evidences:

1) The special number of mineral exploration license on which the applicant based his retention license request;
2) The geographic coordinates on which the retention license is requested;
3) The technical report indicating the potential mineral reserve verified during exploration work;
4) Justifications for adverse market conditions, unavailable processing technologies or other economic factors that prevent to develop the mineral deposit in to production;
5) Within the requested retention period solution measure plan that describes the prepared program;
6) Without prejudice to the provision of sub-article (1) of Article 22 of the Proclamation, shall describe for how long he sought the retention license.

**7. Application for Small and Large-Scale Mining License**

Without prejudice to the provision of sub-article 1 of Article 25 of the Proclamation, application for small- and large-scale mining license submitted to the Authority shall include the following evidences:

1) Where the applicant is a natural person:
Without prejudice to the enactment and presentation of evidences appropriate to this issue under sub-article (1) of Article 5 of this Regulation:

(a) Iyyataan hayyama oomisha albuudaa gaafachuuf bu'uura kan godhate hayyama qorannoofi lakkoofsa isaa;

(b) Ragaa sanada bu'a qabeessummaa gaggeeffame;

(c) Ragaa Abbaan hayyamaa kaappitaala hojii oomisha albuudaa adeemsisuuf sanada bu'a qabeessummaa keessatti qabate keessaa % 30 (soddoma) baankii keessaa qabaachuu agarsiisu;

(d) Sanada sakatta'iinsa dhiibbaa naannoofi hawaasaa qaama dhimmi ilaaluun qoratamee mirkanaa'ee dhiyaate;

(e) Ragaa beenyaan lafichaa kaffalamuu ibsuufi qaama dhimmi ilaaluun kenname;

(f) Karoora oomisha albuudaa; fi

(g) Ragaalee barbaachisaa biroo Abbaan Taayitichaa Qajeelfama baasuun murteessu.

2) Iyyataan qaama seeraan mirgi namummaa kennameef yoo ta'e, ragaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a-g) jalatti tarreeffaman akkuma eegameetti ta'ee:

(a) Maqaa dhaabbatichaafi kaappitaala isaa;

(b) Teessoo waajjira muummee, maqaafi teessoo miseensota dhaabbatichaa;

(c) Dambii ittiin bulmaataafi barreeffama hundeeffamaa dhaabbatichaa;

(d) Dhaabbatichi hojii keessa kan ture yoo ta'e, herreega waggaa sadeen darbanii, ragaa odiitii bu'aafi kasaaraa jiru agarsiisuu; fi

(e) Dhaabbatichi boordiin kan buluufi hojii keessa kan ture yoo ta'e, ragaaleen ittigaafatamaa dhaabbatichaan guutamanii dhiyaatan:

(i) Koppii dhumaa gabaasa waggaa Boordii Daayireektarootaa;

(ii) Maqaafi teessoo miseensota Boordii Daayireektarootaa.

(ሀ) አመልካች የማዕድን ማምረት ፈቃድ ለመጠየቅ መሠረት ያደረገዉ የምርመራ ፈቃድና ቁጥሩ፤

(ለ) የተካሄደ የአዋጭነት ጥናት ሰነድ ማስረጃ፤

(ሐ) ባለ ፈቃዱ የማዕድን ማምረት ሥራን ለማከናወን በአዋጭነት ሰነድ ውስጥ ከያዘው ካፒታል ውስጥ 30 (ሰላሳ) % ባንክ ውስጥ ያለዉ መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ፤

(መ) በሚመለከተው አካል ተመርምሮና ተረጋግጦ የቀረበ የአካባቢ እና ማህበረሰብ ተጽዕኖ ግምገማ ሰነድ፤

(ሠ) የመሬቱ ካሳ መከፈሉን የሚገልጽና በሚመለከተው አካል የተሰጠ ማስረጃ፤

(ረ) የማዕድን ምርት ዕቅድ፤እና

(ሰ) ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ የሚወስኑ ሌሎች አስፈላጊ ማስረጃዎች።

2) አመልካቹ በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ከሆነ፣ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 (ሀ - ሰ) ሥር የተዘረዘሩት ማስረጃዎች እንደተጠበቁ ሆኖ፡-

(ሀ) የድርጅቱ ስምና ካፒታሉ፤

(ለ) የድርጅቱ የዋና መስሪያ ቤት አደራሻ፣ የአባላቱ ስምና አድራሻ፤

(ሐ) የድርጅቱ መተዳደሪያ ደንብ እና የመመስረቻ ጹሁፍ፤

(መ) ድርጅቱ ሥራ ላይ የቆየ ከሆነ ያለፉት የ3 (ሶስት) ዓመታት ሂሳብ፤ያለውን ትርፍና ኪሳራ የሚያሳይ የኦዲት ማስረጃ፤

(ሠ) ድርጅቱ በቦርድ የሚተዳደር እና ሥራ ላይ የቆየ ከሆነ በድርጅቱ ኃላፊ ተሟልተው የሚቀርቡ ማስረጃዎች፡-

(i) የዳይሬክተሮች ቦርድ ዓመታዊ ሪፖርት የመጨረሻ ኮፒ፤

(ii) የዳይሬክተሮች ቦርድ አባላት ስምና አድራሻ።

(a) Exploration license and its number on which the applicant is based to request mining license;

(b) Evidence of conducted feasibility study document;

(c) Evidence that shows the license holder has saved 30% (thirty) in the bank out of the capital allocated in the feasibility study document to conduct mining operation;

(d) Environmental and social impact assessment document examined and approved by the concerned body;

(e) Evidence describing payment of compensation of the land which is provided by the concerned body;

(f) Mineral production plan; and

(g) Other necessary evidences which the Authority determines with Directive to be issued by it.

2) Where the applicant is a juridical person, without prejudice to the evidences provided under sub -article 1(a-g) of this Article:

(a) Name of the organization and its capital;

(b) Address of the head office, name and address of members of the organization;

(c) Articles and memorandum of association of the organization;

(d) Where the organization has been in operation, the audit evidence that shows the existing profit and loss of its accounts for the past 3 (three) years; and

(e) Where the organization is governed by a Board and has been on duty, the evidences to be presented being filled by the head of the organization:

(i) Final copy of the annual report of Board of Directors;

(ii) Name and address of members of Board of Directors.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (b) jalatti ulaagaan sanada bu'a qabeessummaa caqasame qabxiiwwan armaan gadii hammachuu qaba:

(a) Kaartaa iddoo hayyamni irratti gaafatamee ko'oordineetii teessuma lafaa qabuufi iskeeliidhaan hojjetame;

(b) Naannoo hayyamni ittigaafatame sanatti mallattoowwan dhaabbii argaman;

(c) Qorannoo amala fiizikaalaa, minirooloojiikaalaafi ji'ooteekiniikaala albuudichaafi kuufama isaa ibsu;

(d) Teknolojii yookiin meeshaalee hojii kana adeemsisuuf barbaachisan;

(e) Kuufama albuudichaa mirkanaa'eefi tilmaamame;

(f) Karoora haala gabaa, hanga albuuda waggaa waggaadhaan oomishamuuf karoorfamee ;

(g) Galii gurgurtaa, baasii hojii adeemsistuu, hir'ina dulluma meeshaa qorannoon ittiin gaggeeffame;

(h) Hojicha gaggeessuuf humna namaa, dandeettii barbaachisuufi caasaa dhaabbatichaa;

(i) Tarreeffama bu'uuraalee misoomaa hojiidhaaf barbaachisuu; fi

(j) Ibsa gabaabaa qacarriifi leenjii hojjattootaa.

## 8. Iyyannoo Hayyama Oomisha Albuuda Sadarkaa Xiqqaa Addaa

1) Waldaan interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa albuuda oomishuun gurmaa'ee hojjechaa kan ture albuudaalee kabajamoo irratti yoo ta'eefi ulaagaa barbaachisu guutee yoo argame hayyama sadarkaa xiqqaa addaa fudhachuu ni danda'a.

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 (ለ) ስር የተጠቀሰው የአዋጭነት ሰነድ መስፈርት የሚከተሉትን ነጥቦች ማካተት አለበት፡-

(ሀ) የመሬት አቀማመጥ ኮኦርዲኔት ያለው እና በስኬል የተሰራ ፈቃድ የተጠየቀበት የቦታ ካርታ፤

(ለ) ፈቃድ በተጠየቀበት አካባቢ የሚገኙ ቋሚ ምልክቶች፤

(ሐ) የማዕድኑን የፊዝካላዊ፣ሚኒሮሎጂካላዊና ጂኦቴክኒካላዊ ጸባይ እና ክምችቱን የሚገልጽ ምርመራ፤

(መ) ይህን ስራ ለማከናወን የሚያስፈልጉ ቴክኖሎጂ ወይም መሳሪያዎች፤

(ሠ) የማዕድኑ የተረጋገጠና የተገመተ ክምችት፤

(ረ) የገበያ ሁኔታ ዕቅድ፣በየአመቱ ለማምረት የታቀደ የማዕድን መጠን፤

(ሰ) የሽያጭ ገቢ፣ የሥራ ማስኬጃ ወጪ፣ የእርጅና ቅነሳ፣ ምርመራ የተደረገበት መሳሪያ ፤

(ቀ) ሥራውን ለማካሄድ የሚያስፈልገው የሰው ሀይል፣ ችሎታ እና የድርጅቱ መዋቅር፤

(በ) ለሥራዉ የሚያስፈልግ የመሰረተ ልማቶች ዝርዝር፤ እና

(ተ) ስለ ሰራተኞች ቅጥር እና ስልጠና አጭር መግለጫ፡፡

## 8. የልዩ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ማመልከቻ

1) የማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፒራይዝ ማህበር ለማዕድን ማምረት ተደራጅቶ እየሰራ የቆየዉ የከበሩ ማዕድናት ላይ ከሆነ እና የሚያስፈልገውን መስፈርት አሟልቶ ከተገኘ የልዩ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ፈቃድ መውሰድ ይችላል፡፡

3) The feasibility study document criteria specified under sub-article 1(b) of this Article shall include the following:

(a) A map of the requested license area having topographic coordinate and prepared by scale;

(b) Permanent signs found at the requested license place;

(c) Investigation describing the physical, mineralogical and geotechnical characteristics of the mineral and its reserve;

(d) Technology or equipment required to carry out this work;

(e) Proved and estimated reserves of the mineral;

(f) Plan of market conditions, the planned amount of mineral production annually;

(g) Sales income, operating expenditures, depreciation deductibles of investigation equipment;

(h) Human resource, skills required and structure of the organization to carry out the work;

(i) Details of infrastructures necessary for the work; and

(j) Brief description of employment and training of employees;

## 8. Application for Special Small-Scale Mining License

1) If the micro and small-scale enterprise association organized on the production of mineral has been working on precious minerals and found to have fulfilled the necessary requirements, it may acquire a special small-scale license.

2) Waldaan interipiraayizii maaykiroofi xixiqqaa albuuda biroo irratti gurmaa'ee hojjechaa ture gara hojii biraatti ce'uu yookiin akkaataa akaakuu albuudaatiin ulaagaa barbaachisu yoo guute gara hayyama sadarkaa xiqqaatti guddachuu ni danda'a.

3) Ulaagaaleen Labsicha Keewwata 29 jalatti tumaman akkuma eegametti ta'ee, waldaan interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa mala aadaatiin hojii oomisha albuudaa hojjechaa ture hayyama sadarkaa xiqqaa addaa argachuuf iyyanni Abbaa Taayitichaaf dhiyeessu ragaalee armaan gadii qabaachuu qaba:

(a) Hayyamni akka kennamuuf iyyannoo barreeffamaa;

(b) Ragaa waldichi maallaqa qarshii 1,800,000.00 (miliyoona tokkoofi kuma dhibba saddeet) baankii keessaa qabaachuu agarsiisu;

(c) Hayyama aadaan albuuda oomishuu fudhatee seeraan hojjechaa kan tureefi galii mootummaa irraa barbaadamu kamiyyuu xumuree kan kaffale ta'uu waajjira galii irraa ragaa qulqullinaa dhiyeessuu;

(d) Akkaataa Labsicha Keewwata 55 (2) tiin lafa albuuda keessaa baase deebisee misoomsuu isaa ragaa mirkaneessu;

(e) Sanada sakatta'iinsa dhiibbaa naannoofi hawaasaa mirkanaa'e;

(f) Karoora Fandii Misooma Hawaasaafi deebisanii misoomsuu ittiin galii taasisu;

(g) Karoora oomisha hojii albuudaa qabiyyee armaan gadii hammate qopheessee dhiyeessuu:

(i) Lafa hayyamaa keessa kuufamni gahaan jiraachuufi iddoo oomishinni irratti gaggeeffamu bal'aan jiraachuu;

(ii) Maallaqa horatameen meeshaa oomisha guddisu akkamii akka bituuf karoorfatan adda baasanii dhiyeessuu; fi

2) በሌሎች ማዕድናት ላይ በመደራጀት ሲሰራ የቆየ የማይክሮና አነስተኛ ማህበር ወደ ሌላ ስራ ሊሸጋገር ወይም እንደ ማዕድኑ ዓይነት ሁኔታ አስፈላጊውን መስፈርት ካሟላ ወደ አነስተኛ ደረጃ ማዕድን ፈቃድ ሊያድግ ይችላል፡፡

3) በአዋጁ አንቀጽ 29 ስር የተደነገጉት መስፈርቶች እንደተጠበቁ ሆኖ፤በባህላዊ ዘዴ የማዕድን ማምረት ሥራን ሲሰራ የቆየ የማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፕራይዝ ማህበር የልዩ አነስተኛ ደረጃ ፈቃድ ለማግኘት ለባለሥላጣኑ የሚያቀርበዉ ማመልከቻ የሚከተሉትን ማስረጃዎችን በመያዝ አለበት፡-

(ሀ) ፈቃድ ኢንዲሰጠው የጽሁፍ ማመልከቻ፤

(ለ) ማህበሩ 1,800,0000.00 (አንድ ሚሊዮን ስምንት መቶ ሺህ) ብር ባንክ ውስጥ ያለው መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ፤

(ሐ) በባህላዊ ዘዴ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ወስዶ በሕጉ መሰረት ሲሰራ መቆየቱ እና ማንኛውንም የሚፈለግበትን የመንግስት ገቢ ከፍሎ የጨረሰ መሆኑን ከገቢዎች ጽህፈት ቤት ክሊራንስ ማቅረብ፤

(መ) በአዋጁ አንቀጽ 55 (2) መሠረት ማዕድን ያወጣበትን መሬት መልሶ ማልማቱን የሚያረጋግጥ ማስረጃ፤

(ሠ) የተረጋገጠ የአካባቢና ማህበረሰብ ተጽዕኖ ትንተና ሰነድ፤

(ረ) የማህበረሰብ ልማትና መልሶ ማልማት ፈንድ ገቢ የሚያደርግበት እቅድ፤

(ሰ) የሚከተለውን ይዘት ያካተተ የማዕድን ምርት ስራ እቅድ አዘጋጅቶ ማቅረብ፡-

(i) በፈቃዱ መሬት ውስጥ በቂ ክምችት መኖሩና ምርት የሚካሄድበት ሰፊ ቦታ መኖሩ፤

(ii) በተፈራው ገንዘብ ምን ዓይነት የምርት ማሳደጊያ መሣሪያ ለመግዛት እንዳቀዱ ለይተው ማቅረብ፤ እና

2) Micro and small-scale enterprise association organized and has been engaged on other minerals may move in to another work or move up to small-scale license upon the fulfillment of the necessary criteria based on the type of the mineral.

3) Without prejudice to the criteria provided under Article 29 of the Proclamation, the application of micro and small-scale enterprise association that has been engaged on the production of mineral through artisanal method submitted to the Authority to get special small-scale license shall include the following evidences:

(a) Written application for the license to be granted to it;

(b) Evidence indicating that the association has 1,800,000.00 (one million and eight hundred thousand) birr in the bank;

(c) An evidence of clearance from the revenue office for its receipt of license of mineral production through artisanal method and has been working lawfully and for it has fully paid any income of the government required from it;

(d) Evidence proving that it has performed restoration of the excavated land for mineral extraction in accordance with Article 55(2) of the Proclamation,

(e) Approved environmental and social impact assessment document;

(f) Community development and restoration fund plan to be deposited;

(g) Preparing and presenting mineral production work plan which includes the following contents:

(i) Existence of enough reserves within the licensed land and availability of wide place on which production is conducted;

(ii) Identify and submit what equipment to buy that develop production by the gained money; and

(iii) Hanga albuudaa oomishuuf karoorfame dhiyeessuu.

4) Abbaan Taayitichaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin hayyama sadarkaa xiqqaa addaa kennuun duratti waldichi yeroo turtii hayyama aadaa keessatti karaa seera qabeessa ta'een hojii isaa gaggeessaa turuu isaa xinxaluun mirkaneessuu qaba.

5) Waldaaleen maqaa Waldaa Hojii Gamtaan albuudaalee kabajamoo aadaan oomishuuf hayyama fudhatanii oomishaa turaniifi hanga Dambiin kun bahuutti gara hayyama sadarkaa xiqqaa addaatti hin guddatin hayyamni isaanii ni haqama.

6) Waldaan interpiraayizii maaykiroofi xixiqqaa maqaafi miseensa qabatee jiruun jijjiirraan biraa osoo hin taasifamin bal'ina lafa qabatee jiru irratti sadarkaa xiqqaa addaatti ni guddata.

7) Waldaaleen interpiraayizii maaykiroofi xixiqqaa armaan dura gara hayyama sadarkaa xiqqaa addaatti guddatanii maqaa jijjiiirataniifi miseensa dabalatan yeroo barri turtii hayyama isaanii dhumatu sadarkaa xiqqaatti guddifachuu qabu.

**9. Iyyannoo Hayyama Oomisha Albuuda Mala Aadaatiin Gaggeeffamuu**

1) Waldaan interpiraayizii maaykiroofi xixiqqaa kamiiyyuu iyyannoo hayyama oomisha albuudaa mala aadaatiin gaggeessuuf yammuu iyyatu dhimmoota armaan gadiitti tarreeffaman dhiyeessuu qaba:

(a) Dambii ittin bulmataafi barreeffama hundeeffama waldichaa;

(b) Lakkoofsa Addaa Kaffalaa Gibiraa;

(c) Teessoo waldichaa;

(d) Waraqaa ragaa qaama seerummaa waldichaa ibsu;



(iii) ሊመረት የታቀደውን የማዕድን መጠን ማቅረብ፡፡

4) ባለሥልጣኑ በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 3 መሠረት የልዩ አነስተኛ ደረጃ ፈቃድ ከመስጠቱ በፊት ማህበሩ በባህላዊ ፈቃድ ቆይታ ጊዜ ውስጥ ህጋዊ በሆነ መንገድ ስራውን ሲያካሂድ መቆየቱን ገምግሞ ማረጋገጥ አለበት፡፡

5) በህብረት ስራ ማህበር ስም የከበሩ ማዕድናትን በባህላዊ ዘዴ ለማምረት ፈቃድ ወስደው ሲያመርቱ የቆዩና ይህ ደንብ እስከሚወጣ ድረስ ወደ ልዩ የአነስተኛ ደረጃ ፈቃድ ያላደጉ ማህበራት ፈቃዳቸው ይሰረዛል፡፡

6) የማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፕራይዝ ማህበር ይዞት ባለው ስም እና አባል ሌላ ለውጥ ሳይደረግ ይዞት ባለው የመሬት ስፋት ላይ ወደ ልዩ የአነስተኛ ደረጃ ያድጋል፡፡

7) ከዚህ በፊት ወደ ልዩ የአነስተኛ ደረጃ ፈቃድ አድገው ስም የቀየሩ እና አባላት የጨመሩ የማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፕራይዝ ማህበራት የፈቃዳቸው የቆይታ ዘመን በሚጠናቀቅበት ጊዜ ወደ አነስተኛ ደረጃ ማሳደግ አለባቸው፡፡

**9. በባህላዊ ዘዴ የሚካሄድ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ማመልከቻ**

1) ማንኛውም የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ ማህበር በባህላዊ ዘዴ የማዕድን ምርት ለማካሄድ ፈቃድ ለማግኘት ሲያመለክት ከዚህ በታች የተዘረዘሩትን ጉዳዮች ማቅረብ አለበት፡-

(ሀ) የማሕበሩን መተዳደሪያ ደንብና የመመስረቻ ጹሁፍ፤

(ለ) የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር፤

(ሐ) የማህበሩ አድራሻ፤

(መ) የማህበሩ ህጋዊ ሰውነት የምስክር ወረቀት፤



(iii) Present the amount of mineral planned to be produced.

4) The Authority, before issuing special small-scale license in accordance with sub-article (3) of this Article shall affirm by analyzing that the association has conducted its work lawfully within the period it has been in the artisanal mining license.

5) The license of associations that have been producing precious minerals through an artisanal method being licensed in the name of cooperatives and do not moved up to special small-scale level until the issuance of this Regulation shall be cancelled.

6) Micro and small enterprise association shall moved up to special small-scale without making any other change with its existing name and members on the previously occupied size of land.

7) Micro and small enterprise associations which were moved up to special small-scale license and changed their name and added members previously shall moved up to small scale up on expiry of their license period.

**9. Application for Artisanal Method Mining License**

1) Every/Any micro and small enterprise association applying for Artisanal mining license shall submit the issues listed below:

(a) Articles and memorandum of association;

(b) Taxpayer special identification number;

(c) Address of the association;

(d) Certificate stating the legal personality of the association;

(e) Waraqaa eenyummaa hojii gaggeessaa waldichaa;

(f) Tartiiba maqaa miseensota waldichaafi suura isaanii tokkoo tokkoon;

(g) Ko'oordineetii teessuma lafaa hayyamni irratti gaafatamee;

(h) Ragaa yookiin xalayaa waa'ee lafa albuudni oomishaa irratti gaafatamee ibsu Waajjira Lafaa irraa;

(i) Karoora lafa albuudni keessaa bahe ittiin deebi'ee misoomu ibsu dhiyaachuu qaba.

2) Abbaan qabiyyee lafaa lafti isaa albuuda karaa aadaan oomishamuu danda'u qabaachuun yoo mirkanaa'eefi ulaagaa hayyama aadaa argachuu yoo guute maatii isaa waliin gurmaa'ee hayyama aadaa argachuu ni danda'a.

3) Qaamni hayyama karaa aadaatiin oomishuu argachuu danda'u karaa Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaan gurmaa'ee qaama seerummaa argatee kan dhiyaatu qofaadha.

4) Abbaan qabiyyee lafaa karaa aadaatiin qabiyyee isaa irratti maatii isaa waliin ulaagaa guutee gurmaa'ee hojjetu yeroo turtii seeraan tumame jiru kan xumure yoo ta'e, akkaataa akaakuu albuudaatiin ulaagaa barbaachisu yoo guutee argame gara hayyama sadarkaa itti aanutti ce'uu ni danda'a.

5) Iddoo hayyamichaa irra qabeenyi albuuda gahaan yoo jiraate, abbaan qabiyyee ofdanda'ee sadarkaa itti aanutti ce'uu kan hin dandeenye yoo ta'e, abbaa qabeenyaa biroo waliin ta'uun hojjechuu ni danda'a.

6) Qabeenyi albuuda qabiyyicharraa kan dhumate yoo ta'e, lafa sababa oomisha albuudaatiin miidhame deebisee misoomsuun qaama ilaaluun lafichi misoomuun erga mirkanaa'e booda misooma biraaf deebisee faaydamuu ni danda'a.

(ሠ) የማህበሩ ስራ አስኪያጅ የመታወቂያ ወረቀት፤

(ረ) የማህበሩ አባላት ስም ዝርዝርና የእያንዳንዱን ፎቶግራፍ፤

(ሰ) ፈቃድ የተጠየቀበት የመሬት አቀማመጥ ኮኦርዲኔት፤

(ሸ) የማዕድን ምርት ስለተጠየቀበት መሬት የሚገልጽ ማስረጃ ወይም ደብዳቤ ከመሬት ጽህፈት ቤት፤

(ቀ) ማዕድን የወጣበት መሬት ተመልሶ የሚለማበት ዕቅድን የሚገልጽ ማስረጃ መቅረብ አለበት፡፡

2) የመሬት ባለይዞታ መሬቱ በባህላዊ መንገድ መመረት የሚችል ማዕድን ያለዉ መሆኑ ከተረጋገጠ እና የባህላዊ ፈቃድ ለማግኘት መስፈርትን ካሟላ ከቤተሰቡ ጋር በመደራጀት የባህላዊ የማምረት ፈቃድን ማግኘተ ይችላል፡፡

3) በባህላዊ መንገድ የማምረት ፈቃድን ማግኘት የሚችል አካል በስራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ቢሮ በኩል በመደራጀት ህጋዊ ሰውነት አግኝቶ የሚቀርብ ብቻ ነው፡፡

4) በራሱ መሬት ባህላዊ መንገድ ከቤተሰቡ ጋር ተደራጅቶ መስፈርቱን በሚሟላት የሚሰራ የመሬት ባለ ይዞታ በህግ የተቀመጠውን ጊዜ የጨረሰ ከሆነ እንደ ማዕድኑ ዓይነት የሚያስፈልገውን መስፈርት አሟልቶ ከተገኘ ወደ ሚቀጥለው የፈቃድ ደረጃ ሊሸጋገር ይችላል፡፡

5) በፈቃዱ ቦታ ላይ በቂ የማዕድን ሃብት ካለ እና ባለ ይዞተዘው ራሱን ችሎ ወደ ሚቀጥለው ደረጃ መሻገር የማይችል ከሆነ ከሌላ ባለሃብት ጋር በመሆን መስራት ይችላል፡፡

6) ከይዞታው ላይ የማዕድን ሃብት ያለቀ ከሆነ በማዕድን ምርት ምክንያት የተጎዳውን መሬት መልሶ በማልማት በሚመለከተው አካል መሬቱ መልማቱ ከተረጋገጠ ቦኋላ ለሌላ ልማት መልሶ መጠቀም ይችላል፡፡

(e) Identification card of the association's manager;

(f) List order of members of the association and photograph of each;

(g) Topographic coordinates of the land on which the license is requested;

(h) Evidence or letter from Land Office describing about the land on which mining is requested;

(i) The plan describing as to how the land from which minerals extracted be restored shall be submitted.

2) The land possessor may obtain an Artisanal mining license by being organized with his family if it is confirmed that his land is capable of producing mineral in artisanal method and if he meets the criteria for obtaining artisanal license.

3) Body shall obtain artisanal mining license only if it acquires legal personality by being organized through Oromia Job Creation and Profession Bureau.

4) Where the land holder who is working in an artisanal method on his possession by being organized with his family fulfilling the requirements has completed the legal tenure, he may move to the next license level according to the type of the mineral.

5) Where there is enough mineral resource on the license area and the holder is unable to move to the next level independently, he may work together with another investor.

6) Where the mineral resources depleted from the possession, after the land used for mineral production has been restored and its restoration has been approved by concerned body, he may re use such land for other development purposes

**10. Albuudaalee Karaa Aadaan Gaggeeffamaniifi Hin Gaggeeffamne**

1) Bu'uura Labsichaa Keewwata 9 jalatti tumameen Waldaa Interpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaan albuudaalee humna namaafi meeshaalee harkaatiin gaggeeffamaniifi sonni kan itti hin dabalamne kan akka cirracha lagaa, hoofii, dhakaa adii, biyyoo supheefi sookkoo loolaadhaan uumamee argamuufi albuudaalee biroo Abbaan Taayitichaa karaa aadaatiin oomishamuu ni danda'u jedhee Qajeelfamaan moggaasu karaa aadaatiin oomishuu ni danda'u.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Waldaan Interpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaa hojii oomisha albuuda armaan gadiitti tarreeffaman karaa aadaatiin oomishuu hin danda'an:

(a) Albuudaalee Caarallaa ofkeessaa qaban kanneen akka yuraaniyeemii;

(b) Albuudaalee industiriif galtee ta'an kan akka dhakaa cileefi taantaaleemii;

(c) Albuudaalee qorannoofi oomishni isaanii gahumsa teknikaafi maallaqa guddaa barbadanii; fi

(d) Albuudaalee fayyaa hawaasaafi eegumsaa naannoo irratti dhiibbaa geessisuu danda'an.

## Kutaa Sadii
## Galmeessa Iyyannoofi Kenna Hayyamaa

**11. Galmee Hayyamaa Hojiiwwan Albuudaa**

Abbaan Taayitichaa galmeewwan hayyamaa hojii albuudaa armaan gadii ni qabaata:

1) Galmee iyyannoon dhiyaate irratti galmaa'u;

2) Galmee kadaastaraa;

3) Galmee hayyamni kennamu irratti galmaa'u;

**10. በባህላዊ መንገድ የሚካሄዱ እና የማይካሄዱ ማዕድናት**

1) በአዋጁ አንቀጽ 9 ስር በተደነገገው መሠረት በማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፕራይዝ ማሕበር በሰው ሃይል እና በእጅ መሳሪያዎች የሚካሄዱና ዕሴት የማይጨመርባቸው እንደ የወንዝ አሸዋ፣ ፑሚስ፣ እምነበረድ፣ የሸክላ አፈር እና በጎርፍ ተፈጥሮ የተገኘ ወርቅ እና ባለስልጣኑ በባህላዊ መንገድ ሊመረቱ ይችላሉ ብሎ በመመሪያ የሚሰይማቸው ሌሎች ማዕድናት በባህላዊ መንገድ ማምረት ይችላሉ፡፡

2) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀፅ 1 ስር የተደነገገው ቢኖርም፣ የማይክሮና አነስተኛ ኢንተርፕራይዝ ማህበራት ከዚህ በታች የተዘረዘሩትን የማዕድናት ማምረት ስራ በባህላዊ መንገድ ማምረት አይችሉም:-

(ሀ) ጨረራ በውስጣቸው ያላቸው ማዕድናት እንደ ዩራኒየም፤

(ለ) ለኢንዱስትሪ ግብዓት የሚሆኑ ማዕድናት እንደ ድንጋይ ከሰልና ታንታለም፤

(ሐ) ለምርመራቸውና ምርታቸው ከፍተኛ የቴክኒክ ብቃትና ገንዘብ የሚፈልጉ ማዕድናት፤ እና

(መ) በማህበረሰቡ ጤንነትና በአካባቢ ጥበቃ ላይ ተጽዕኖ ሊያደርሱ የሚችሉ ማዕድናት፡

## ክፍል ሶስት
## የማመልከቻ ምዝገባ እና የፈቃድ አሰጣጥ

**11. የማዕድን ስራዎች ፈቃድ ምዝገባ**

ባለስልጣኑ የሚከተሉት የማዕድን ስራ ፈቃድ መዛግብት ይኖሩታል:-

1) የቀረበው ማመልከቻ የሚመዘገብበት መዝገብ፤

2) የካዳስተር መዝገብ፤

3) የሚሰጠው ፈቃድ የሚመዘገብበት መዝገብ፤

**10. Artisanal Method and Non-Artisanal Mining Operations**

1) In accordance with the provision under Article 9 of the Proclamation, the micro and small enterprise can produce through artisanal way minerals conducted by human power and manual tools and non-value added minerals such as river sand, pumice, marble, clay soil and gold found being created by flood and other minerals to be designated by the Authority with Directive as they can be produced through artisanal method.

2) Notwithstanding to the provision of sub article 1 of this Article, the small and micro enterprise association shall not produce minerals through artisanal method the mining operations listed below:

(a) Minerals that have reflections in them, such as uranium;

(b) Minerals that are industrial raw materials such as coal and tantalum;

(c) Minerals requiring high technical and financial efficiency for their exploration and production; and

(d) Minerals that may affect public health and environmental protection.

## Part Three
## Registration of Application and Issuance of License

**11. Records of Mining Operations License**

The Authority shall have the following mining license records:

1) Record for registration of submitted application;

2) Record of Cadastral;

3) Record for registration of the license issued;

4) Galmee hayyamni haqame irratti galmaa'uudha.

12. Tartiiba Iyyannoon Itti Keessummaa'u

1) Abbaan Taayitichaa iyyannoo hojii albuudaa akkaataa tartiiba armaan gadiitiin kan keessummeessu ta'a:

(a) Iyyannoo oomishaa sadarkaa guddaa, iyyannoo oomishaa sadarkaa xiqqaa, iyyannoo oomishaa sadarkaa xiqqaa addaa, iyyannoo oomisha aadaa dhiyaatu akkaataa kanaan duraa duuba ni qabatu;

(b) Abbaan Taayitichaa hayyama hojiiwwan albuudaa gosa albuudaa tokko ta'e, bakka tokkoofi sadarkaa tokko ta'an irratti iyyannoon tokkoo ol yoo dhiyaate, iyyannoowwan dhiyaatan akkaataa duraa duuba dhiyeenya isaanitiin ni keessumeessa;

(c) Abbaan qabiyyee lafaa dandeettii maallaqaafi teknikaa qabaachuu isaa beeksisuun qabiyyee isaa irratti misooma albuudaa kan gaggeessu ta'uu ibsuun ulaagaa barbaadamu guutee yoo dhiyaate mirga dursa argachuu ni qabaata;

(d) Iyyannoon lamaafi isaa ol ta'an hayyama sadarkaa tokko kan qaban albuuda gosa tokkoofi bakka tokko irratti yeroo tokko kan dhiyaate yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa koree teknikaa iyyannoo dhiyaate qulqulleessu ni hundeessa;

(e) Koreen teknikaa kun karoora hojii teknikaa, tilmaama maallaqaa hojichaaf ramadamefi gahumsa dandeettii iyyataan dhiyeeffate madaaluun bu'uura qabxii isaaniitiin kan dursa argachuu qabu ni murteessa;

(f) Iyyattoonni dubartootaa yoo jiraataniifi bu'aa qabxii madaallii gamaaggamaan qixxee yoo ta'an dursa ni argatu;

4) የተሰረዘ ፈቃድ የሚመዘገብበት መዝገብ ናቸው፡፡

12. ማመልከቻ የሚስተናገድበት ቅደም ተከተል

1) ባለስልጣኑ የማዕድን ስራ ማመልከቻን በሚከተለው ቅደም ተከተል የሚያስተናግድ ይሆናል፡-

(ሀ) የሚቀርብ የከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ምርት ማመልከቻ፣ አነስተኛ ደረጃ ምርት ማመልከቻ፣ የልዩ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ምርት ማመልከቻ፣ የባህላዊ ዘዴ ምርት ማመልከቻዎች በዚህ ሁኔታ ቅደም ተከተል ይይዛሉ፤

(ለ) ባለሥልጣኑ አንድ አይነት የሆነ የማዕድን ስራዎች ፈቃድ በአንድ ቦታና አንድ ደረጃ የሆኑት ላይ ከአንድ በላይ ማመልከቻ ከቀረበ የቀረቡትን ማመልከቻዎች እንደ አቀራረባቸው ቅደም ተከተላቸው ያስተናግዳል፤

(ሐ) የመሬት ባለይዞታው የገንዘብ አቅም እና የቴክኒክ ችሎታ ያለው መሆኑን በማሳወቅ በይዞታው ላይ የማዕድን ልማት የሚያካሄድ መሆኑን በመግለጽ አስፈላጊውን መስፈርት አሟልቶ ከቀረበ ቅድሚያ የማግኘት መብት ይኖረዋል፤

(መ) አንድና ከዚያ በላይ የሆኑ አንድ ዓይነት ደረጃ ፈቃድ ያላቸው ማመልከቻዎች አንድ አይነት ማዕድንና በአንድ ቦታ ላይ በአንድ ጊዜ የቀረቡ ከሆነ ባለስልጣኑ አቤቶታ የሚያጣራ የቴክኒክ ኮሚቴ ያቋቁማል፤

(ሠ) ይህ የቴክኒክ ኮሚቴ የቴክኒክ ስራ እቅድ፣ ለስራው የተመደበ ገንዘብ ግምት እና ማመልከቻ አቅራቢው ያቀረበው የችሎታ ብቃትን በመመዘን በነጥባቸው መሰረት ቅድሚያ ማግኘት ያለበትን ይወስናል፤

(ረ) ሴት አመልካቾች ካሉና በምዘና ውጤት ግምገማው እኩል ከሆኑ ቅድሚያ ያገኛሉ፡፡

4) The record for registration of cancelled license.

12. Order of Handling Application

1) The Authority shall handle the mining application in the following order:

(a) Application submitted for large scale production, application for small-scale production and application for special small-scale production and application for artisanal method production shall be put in order in such manner.

(b) Where more than one applications are submitted to the Authority for the license of mining operations on the same mine, same place and same level, the Authority shall entertain /handle the submitted applications according to the order of their submission.

(j) As the license holder has performed the mineral production as per the mineral laws and the contractual agreement he signed and thereby discharged his obligations;

(k) Produce certificate of clearance from Revenues Bureau or from body representing it as proof for he has performed all payments he owes;

(l) If it is proved that all the equipment imported free of duty for mineral operations are serving such purpose;

(m) Abbaan Taayitichaa ragaaleen barbaachisaa ta'an biroo qulqulleessee haaromsuu ni danda'a.

2) Hayyamni sadarkaa xiqqaa addaa ulaagaan barbaachisaa ta'an guutamuun yoo mirkanaa'e turtii waggaa 3 (sadii) hin caalleef yeroo 1 (tokko) kan haaromfamu ta'a.

3) Hayyamni albuuda karaa aadaatiin oomishamuu hin haaromfamu.

## 31. Hayyama Dabarsuu

1) Abbaan Taayitichaa yoo hayyame malee hayyamni hojii albuudaa qaama sadaffaatti dabarsuun hin danda'amu.

2) Hayyamni hojii albuudaa hayyama Abbaa Taayitichaatiin waliigaltee barreeffamaan nama sadaffaaf gurgurtaan, kennaan, dhaalaan yookiin idaan qabsiisuudhaan darbuu ni danda'a.

## 32. Sirna Hayyamni Itti Dabarfamu

1) Hayyamni dabarfamu ulaagaa armaan gadii guutu qaba:

(a) Abbaan hayyamaa sababa maaliif hayyama isaa dabarsuu akka barbaade caqasee Abbaa Taayitichaa barreeffamaan gaafachuu;

(b) Abbaan hayyamaafi qaamni hayyamni itti darbu iyyata dhiyeeffachuu;

(c) Namni hayyamni hojii albuudaa itti darbu kaffaltii beenyaan alatti dirqamoota abbaan hayyamaa duraanii guutee hayyama argate hundaa akka haaraatti guutee dhiyaachuu;

(d) Hayyamni qaama biraatti osoo hin darbin dura haalli sochii hojii albuudaafi seeraan hojjetamaa jiraachuun isaa ogeessa Abbaa Taayitichaatiin xiinxalamuu;

(e) Ragaa qulqullummaa Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa irraa kaffaltiin irraa barbaadamu kaffalamuu ibsu dhiyaachuu;

(ኀ) ባለሥልጣኑ ሌሎች አስፈላጊ የሆኑ ማስረጃዎችንም በመመርመር ፈቃዱን ማሣደስ ይችላል፡፡

2) አስፈላጊ የሆኑ መስፈርቶችን ማሟላቱ የተረጋገጠ የልዩ አነስተኛ ደረጃ ፈቃድ ከ3 (ሦስት) ዓመት ለማይበልጥ ቆይታ 1 (አንድ) ጊዜ የሚታደስ ይሆናል፡፡

3) በባህላዊ ዘዴ የማዕድን ማምረት ፈቃድ አይታደስም፡፡

## 31. ፈቃድ ስለ ማስተላለፍ

1) የማዕድን ስራ ፈቃድ ባለ ስልጣኑ ሳይፈቅድ ለሶስተኛ ወገን ማስተላለፍ ኣይቻልም፡፡

2) የማዕድን ስራ ፈቃድ በባለስልጣኑ ፈቃድና በፅሁፍ በሚደረግ ዉል በሽያጭ፣ በስጦታ፣በዉርስ ወይም በዕዳ በማስያዝ ለሶስተኛ ወገን መተላለፍ ይችላል፡፡

## 32. ፈቃድ የሚተላለፍበት ስርዓት

1) የሚተላለፈዉ ፈቃድ የሚከተለዉን መስፈርት ማሟላት ኣለበት፦

(ሀ) ባለ ፈቃዱ በምን ምክንያት ፈቃዱን ማስተላለፍ እንደፈለገ በመጥቀስ ባለስልጣኑን በፅሁፍ መጠየቅ፤

(ለ) ባለ ፈቃድ እና ፈቃድ የሚተላለፍለት አካል ማመልከቻ ማቅረብ፤

(ሐ) የማዕድን ስራ ፈቃድ የሚተላለፍበት ሰዉ ከካሳ ክፍያ ዉጭ የቀድሞዉ ባለ ፈቃድ ፈቃዱን ለማግኘት ኣሟልቶ ያገኘዉን ግዴታዎች በሙሉ እንደ ኣዲስ አሟልቶ መቅረብ፤

(መ) ፈቃድ ወደ ሌላ አካል ከመተላለፉ በፊት የማዕድን ስራ እንቅስቃሴ ሁኔታ እና በሕግ አግባብ እየተሰራ መሆኑን በባለሥልጣኑ ባለሙያ መመርመር፤

(ሠ) ከኦሮሚያ ገቢዎች ቢሮ የሚፈለግበትን ክፍያ መከፈሉን የሚያስረዳ ክሊራንስ ማቅረብ፤

(m) The Authority may renew such license by checking other necessary evidences.

2) The special small-scale license proved to fulfill all the necessary criteria or requirements shall be renewed only once for a period not exceeding 3 (Three) years.

3) The Artisanal method mining license shall not be renewed.

## 31. Transfer of License

1) The mining operation license shall not be transferred to third party unless the Authority permits so.

2) The mining operation license may be transferred to third party through sale, donation, inheritance and attached as a guarantee of a debt upon the prior permission of the Authority and through written agreement.

## 32. License Transferring Procedure

1) The license to be transferred shall meet the following criteria:

(a) The licensee shall apply in writing to the Authority by illustrating the reason why he wants to transfer his license;

(b) Submission of application by the licensee and to whom the license is transferred;

(c) A person to whom a mineral operation license is transferred shall, except payment of compensation, fulfill newly all those obligations owed by the principal licensee to get license.

(d) Before the license is transferred to the concerned organ, the analysis by the Authority's expert about the undergoing mineral operation situation and, whether it is being operated legally.

(e) Clearance certificate from Oromia Revenues Bureau describing payment of debt owed to him.

(f) Dhiibbaa uumama naannoo irratti geessiseef dirqama misooma hawaasaa bahuu isaa mirkaneessuu;

(g) Haalli sochii hojii albuudaafi abbaan hayyamaa yeroo turtii hayyamichaa keessatti hojii isaa seeraan raawwachaa turuun isaa qaama waliigaltee raggaasisuuf barreeffamaan ni darba;

(h) Waliigalteen hayyama hojii albuudaa dabarsuun qaama waliigaltee raggaasisuun ragga'uu qaba;

(i) Sababa hayyamni darbuutiin bu'aa argatan irraa Mootummaadhaaf galii galchuun isaanii ragaan kaffaltiin itti raawwatame qaama dhimmi ilaalu irraa dhiyaachuu qaba.

2) Abbaan hayyama dabarsu mirga qaraxa irraa bilisaatiin meeshaalee galfate abbaa hayyamni itti darbuutti kan hin dabarsine yoo ta'e, sirni gumruukaa kan irratti raawwatamu ta'a.

3) Abbaan hayyamni itti darbu dhimma qaraxaa irraa bilisaan meeshaa galfachuu ilaalchisee abbaan hayyama dabarseef yeroo seera rogummaa qabuun taa'e keessatti meeshaalee qaraxa irraa bilisaan gaalfateera yoo ta'e dabalataan abbaan hayyamni itti darbu mirga kana argachuu hin danda'u.

4) Qaamni hayyamni hojiiwwan albuudaa itti darbu ragaa guutuu dhiyeeffatee kaffaltii barbaachisu erga kaffalee booda waliigaltee Abbaa Taayitichaa waliin mallatteessee hayyamicha ni fudhata.

5) Dabarfamuun waliigaltee hojii albuudichaa galmee keessatti galmeeffamee qaama waliigaltee hayyamicha dabarsaniin mallattaa'uu qaba.

(ረ) በተፈጥሮ አካባቢ ላይ ላደረሰዉ ተፅዕኖ የማህበረሰብ ልማት ግዴታ መወጣቱን ማረጋገጥ፤

(ሰ) የማዕድን ስራ እንቅስቃሴ ሁኔታ እና ባለፍቃዱ በፍቃድ ቆይታ ጊዜ ዉስጥ ስራዉን በሕግ አግባብ ሲፈጽም መቆየቱ ዉል ለሚያፀድቀው አካል በፅሁፍ ይተላለፋል፤

(ሸ) የማዕድን ስራ ፈቃድ ማስተላለፍ ዉል በዉል አጽዳቂ ኣካል መፅደቅ ኣለበት፤

(ቀ) ፈቃድ በመተላለፉ ምክንያት ካገኙት ጥቅም ላይ ለመንግስት ገቢ ማስገባታቸዉን ከሚመለከተዉ አካል ክፍያ የተፈፀመበት ማስረጃ መቅረብ አለበት።

2) ፈቃዱን የሚያስተላልፈዉ በከቀረጥ ነፃ መብት ያስገባዉን መሳሪያዎች ፈቃዱ ለሚተላለፍበት የማያስተላልፍ ከሆነ የጉምሩክ ስነ ስርዓት የሚፈፀምበት ይሆናል።

3) ፈቃዱ የሚተላለፍበት በከቀረጥ ነፃ ንብረትን ስለ ማስገባት ጉዳይ በተመለከተ፣ ፈቃዱን ያስተላለፈለት ኣግባብ ባለዉ ህግ በተቀመጠዉ ጊዜ ዉስጥ ከቀረጥ ነፃ ኣስገብቶ እንደሆነ፣ፈቃዱ የሚተላለፍበት በተጨማሪ ይህንን መብት ማግኘት አይችልም።

4) የማዕድን ስራዎች ፈቃድ የሚተላለፍበት ኣካል ሙሉ ማስረጃ አቅርቦ የሚፈለገዉን ክፍያ ከከፈለ በኋላ ከባለስልጣኑ ጋር ዉል በመፈራረም ፈቃዱን ይወስዳል።

5) የማዕድ ስራ ውሉ መተላለፉ በመዝገብ ዉስጥ ተመዝግቦ የፈቃዱን ዉል ባስተላለፉት አካል መፈረም አለበት።

(f) Ensuring his fulfillment of developmental social responsibility for repercussion on natural environment sustained.

(g) Transfers in writing to the body authenticating the agreement about the situation of undergoing mineral operation and as the licensee has been performing his operation legally during the period of the license.

(h) An agreement of transferring the mineral operation license shall be authenticated by the body authenticating the agreement.

(i) An evidence indicating payment shall be produced from the concerned organ in regard to their submission of revenue to the government from the profit gained due to transfer of license.

2) The customs procedure shall be applied up on him, if the license transferring person failed to transfer his customs-exempted imported materials to the person for whom the license is transferred.

3) Regarding the importation of customs-exempt materials by the transferee, the transferee shall not, besides, exercise such right, provided that the transferor of the license had already imported customs-exempt materials within the time frame provided by relevant law.

4) Body to whom the mineral operation license is transferred may take the license after submitting the full evidence and paying necessary payments and signing agreement with the Authority.

5) The transfer of the mineral operation agreement shall be registered in the record and signed by the body transferring the license agreement.

**33. Hayyama Dabarfamuu Hin Danda'amne**

Dambii kana Keewwata 31 jalatti kan tumame jiraatus, hayyamoota armaan gadii dabarsuun hin danda'amu:

1) Hayyamni qorannoo yoo xiqqaate waggaa tokkoof qorannoon ittiin hin gaggeeffamneefi hayyama oomisha albuudaa meeshaalee oomishaa guutee oomisha eegaluun gurgurtaa albuudaa hin eegalin;
2) Hayyama qorannoo barri hayyamichaa dhumuuf waggaan 1 (tokko) kan isaa hafu yoo ta'e;
3) Hayyama oomishaa sadarkaa xiqqaa barri hayyamichaa dhumuuf waggaan 1 (tokko) kan hafu yoo ta'e;
4) Hayyama oomishaa sadarkaa guddaa barri hayyama isaa dhumuuf waggaan 2 (lama) kan hafu yoo ta'e.

**34. Hayyama Haquu yookiin Waliigaltee Addaan Kutuu**

1) Labsicha Keewwata 66 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hayyamni hojiiwwan albuudaa haqamuu yookiin waliigaltee addaan kutuu kan danda'amu:

(a) Abbaan hayyamaa fedhii isaatiin dirqama irraa barbaadamu bahuudhaan hayyamichi akka adda citu yoo gaafate;
(b) Mootummaan faayidaa ummataaf iddicha yoo barbaade iddoo biraa akka barbaaddatu taasisee beenyaan madaalawaa ta'e akka kaffalamuuf gochuun;
(c) Guyyaa barri hayyamaa xumuramee kaasee hanga ji'a 1 tti (tokkootti) abbaan hayyamichaa rakkina isa qunname barreeffamaan yoo hin dhiyeessin;
(d) Hayyamni ragaa sobaatiin kan kenname ta'uu yoo irra gahame;
(e) Hayyamni kenname naannoo irratti rakkoo kan uume ta'uu ogeessaan qoratamee ragaa qabatamaadhaan yoo mirkanaa'e;



**33. ማስተላለፍ ስለማይቻል ፈቃድ**

በዚህ ደንብ አንቀፅ 31 ስር የተደነገገዉ ቢኖርም፤ የሚከተሉትን ፈቃዶች ማስተላለፍ አይቻልም፡-

1) ቢያንስ ለ1 (አንድ) ዓመት ምርመራ ያልተደረገበት የምርመራ ፈቃድ እና የማምረቻ መሳሪያ ኣሟልቶ ማምርት በመጀመር የማዕድን ሽያጭ ያልጀመረ የማዕድን ማምረት ስራ ፈቃድ፤
2) የፈቃዱ ዓመት ሊያልቅ1 (አንድ) ዓመት የሚቀረዉ የምርመራ ፈቃድ፤
3) የፈቃዱ ዓመት ሊያልቅ1 (አንድ) ዓመት የሚቀረዉ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ስራ ፈቃድ ከሆነ፤
4) የፈቃዱ ዓመት ሊያልቅ 2(ሁለት) ዓመት የሚቀረዉ ከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ስራ ፈቃድ ከሆነ፡፡

**34. ፈቃድ መሰረዝ ወይም ዉል ማቋረጥ**

1) በኣዋጁ አንቀፅ 66 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የማዕድን ስራዎች ፈቃድ መቋረጥ ወይም ዉል ማቋረጥ የሚቻለዉ፤

(ሀ) ባለ ፈቃዱ የሚጠበቅበትን ግዴታ በመወጣት በራሱ ፍላጎት ፈቃዱ እንዲቋረጥ ከጠየቀ፤
(ለ) መንግስት ቦታዉን ለህዝብ ጥቅም ከፈለገ ሌላ ቦታ እንዲፈልግ በማድረግ ተመጣጣኝ የሆነ ካሳ እንዲከፈለዉ በማድረግ፤
(ሐ) ባለ ፈቃዱ የገጠመዉን ችግር የፈቃዱ ዘመን ከተጠናቀቀበት ቀን ጀምሮ እስከ 1 (አንድ) ወር በፅሁፍ ካላቀረበ፤
(መ) ፈቃዱ በሐሰተኛ ማስረጃ የተሰጠ መሆኑ ከተደረሰበት፤
(ሠ) የተሰጠዉ ፈቃድ ባኣከባቢ ላይ ችግር የፈጠረ መሆኑ በባለሙያ ተመርምሮ በተጨባጭ ማስረጃ የተረጋገጠ ከሆነ፤



**33. The Non-Transferable License**

Notwithstanding to the provision of Article 31 of this Regulation, the following licenses shall not be transferred:

1) An exploration license in which no exploration is undertaken for at least 1 (one) year and mineral production license that does not commence sale of mineral by fulfilling production equipment and starting production;
2) An exploration license whose term of the license is left with 1 (one) year to expire;
3) Small Scale production license whose term of the license is left with 1 (one) year to expire.
4) Large Scale production license whose term of license is left with 2 (two) years to expire.

**34. Cancellation of License or Termination of Agreement**

1) Without prejudice to the provision of Article 66 of the Proclamation, the mineral operations license shall be cancelled or its agreement terminated:

(a) Where the license holder submits application to get the license terminated after fulfilling obligation owed to him;
(b) If the government requires the site for public interest, by making him look for another site and by facilitating for the payment of commensurate compensation for him;
(c) Failing of the licensee to provide in written form the problem he encountered from the date of expiration of term of the license up to 1 (one) month;
(d) If it is established that the license was given based on forged evidences;
(e) If it is studied by an expert and proven with tangible evidence that the license given has caused adverse impact on the environment.

(f) Abbaan hayyamaa dirqamoottaafi dhimmoota dhorkaa ta'an jedhamanii Labsii, Dambii, Qajeelfamaafi waliigaltee hojii albuudaa jalatti ibsaman yoo cabse;
(g) Gosa hayyamaa kennameef ala hojii albuudaa irratti yoo bobba'eefi daangaa kennameefiin ala oomisha oomishee yoo argame;
(h) Abbaan hayyamaa haala waliigaltee seeneen hojiiwwan albuudaa yeroo seeraan hayyamameef keessatti jalqabuu dadhabuu isaatiif ragaa qabatamaa ta'e dhiyeeffachuu yoo baate.

2) Abbaan hayyamaa guyyaa xalayaan haqamuu isaaf kennamee kaasee ji'a 1 (tokko) keessatti dirqamoota Labsii, Dambii, Qajeelfamaafi waliigaltee hojii albuudaan irraa barbadamu xumuree dokumantii Abbaa Taayitichaan kennameef deebisuudhaan meeshaalee iddoo hayyamaa irraa qabu kaasuun waraqaa qulqullinaa fudhachuu qaba.

3) Abbaan hayyamaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin dhiyaatee dirqama irraa barbaadamu yoo bahuu baate akkaataa seera rogummaa qabuun tarkaanfiin kan irratti fudhatamu ta'a.

## 35. Bu'aa Haqamuun Hayyamaa Hordofsiisu

1) Hayyamni bu'uura Dambii kana Keewwata 34 tiin yeroo haqamu yookiin addaan kutamu:
(a) Ragaan fileeksii kaadastaraa yookiin daataa beezii irraa ni haqama;
(b) Waraqaan ragaa qulqullinaafi cufamuu hayyama ni kennamaaf;
(c) Lafti albuudaa hayyamni irraa haqame baankii lafaatti ni deebi'a.
(d) Akkaataa Labsiichaa Keewwata 66 (5) tiin qabeenyaan dhaalame:

(ረ) ባለ ፈቃዱ ግዴታዎችንና የተከለከሉ ጉዳዮች ተብለዉ በአዋጅ፣ በደንብ፣ በመመሪያ እና በማዕድን ስራ ዉል ስር የተጠቀሱትን ከተለለፈ፤
(ሰ) ከተሰጠዉ ፈቃድ ኣይነት ዉጭ በሆነ ማዕድን ስራ ላይ ከተሰማራ እና ከተሰጠዉ ወሰን ዉጭ ምርት አምርቶ ከተገኘ፤
(ሸ) ባለፈቃዱ በገባው ውል መሠረት በህግ በተፈቀደለት ጊዜ ዉስጥ የማዕድን ስራዎችን መጀመር ላለመቻሉ ተጨባጭ ማስረጃ ማቅረብ ካልቻለ።

2) ባለ ፈቃዱ የመሰረዝ ደብዳቤ ከተሰጠዉ ቀን ጀምሮ በ 1 (አንድ) ወር ዉስጥ በአዋጅ፣ በደንብ ፤ በመመሪያ እንዲሁም በማዕድን የስራ ዉሉ የሚፈለጉበትን ግዴታዎች አጠናቅቆ በባለ ስልጣኑ የተሰጠዉን ሰነድ በመመለስ ከፈቃዱ ቦታ ላይ ያለዉን መሳሪያዎች በማንሳት ክሊራንስ መዉሰድ ኣለበት።

3) ባለፈቃዱ በዚህ አንቀፅ ንኡስ አንቀፅ 2 መሰረት ቀርቦ የሚፈለግበትን ግዴታ ካልተወጣ አግባብነት ባለዉ ህግ መሰረት እርምጃ የሚወሰድበት ይሆናል።

## 35. የፈቃድ መሰረዝ የሚያስከትለው ውጤት

1) ፈቃድ በዚህ ደንብ አንቀፅ 34 መሰርት ሲሰረዝ ወይም ሲቋረጥ፦
(ሀ) ከካዳስተር ፍለክስ ወይም ከ ዳታ ቤዝ ላይ ማስረጀ (መረጃ) ይሰረዛል፤
(ለ) የከዕዳ ነፃ ምስክር ወረቀት (ክሊራንስ) እና የፈቃድ መዘጋት ወረቀት ይሰጠዋል፤
(ሐ) ፈቃድ የተሰረዘበት የማዕድን መሬት በመሬት ባንክ ይመለሳል፤
(መ) በአዋጁ አንቀፅ 66 (5) መሰረት የተወረሰዉ ንብረት፦

(f) If the license holder infringed those obligations and prohibited issues stipulated under the Proclamation, Regulation, Directive and mineral operation agreement.
(g) If he is involved in mineral operation other than the type of license he is given and he produced production beyond his license area.
(h) If the license holder, pursuant to his agreement, failed to produce tangible evidence for his failure to commence mineral operation within the time frame permitted to him by law.

2) The license holder, within 1 (one) month from the date he is given cancellation letter and by clearing his equipment from license area shall be given clearance letter, after fulfilling obligations due to him by Proclamation, Regulation, Directive and mineral operation agreement and returning documents given to him by the Authority.

3) The license holder who fails to fulfill the obligations owed to him pursuant to sub-article of 2 of this Article shall be subjected to measures based on the relevant law.

## 35. Effect of Cancellation of License

1) Whenever license is cancelled or terminated as per Article 34 of this Regulation:
(a) Evidence shall be cancelled from flexi cadaster or data base;
(b) Clearance certificate and certificate of closure of license shall be given to him;
(c) The mineral land whose license is cancelled shall be returned to land bank;
(d) The property confiscated pursuant to Article 66 (5) of the Proclamation:

(i) Qabeenya gurguramuu danda'u yoo ta'e Abbaan Taayitichaa qaama dhimmi ilaaluu waliin ta'uun tilmaama qabeenyaa ogeessaan raawwachuu yookiin qabeenyicha caalbaasiidhaan akka gurguramu taasisuu;

(ii) Qabeenyaan abbaa hayyamaa laficha irra jiru kan hin gurguramneefi miidhaa kan dhaqqabsisuu yoo ta'e Abbaan Taayitichaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun faayidaa biroof akka oolfamu yookiin akka maqfamu kan taasisu ta'a.

2) Namni haaraan iddoo bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (c) tiin baankii lafaatti deebi'e irratti gaaffii hayyamaa yoo dhiyeesse:

(a) Ulaagaalee hayyama argachuuf barbaachisan dhiyeeffachuu qaba;

(b) Abbaan Taayitichaa lafa hayyamni oomisha albuudaa Sadarkaa Guddaafi Xiqqaa irraa haqameefi kuufama albuudaa gahaa ta'e qabaachuun mirkanaa'e irratti ulaagaalee Qajeelfama baahuun murtaa'un caalbaasiidhaan dorgomsiisee hayyama ni kenna;

(c) Hayyamni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (b) tiin kenname garagalchaan qaama dhimmi ilaalu beeksifamuu qaba.

3) Abbaan hayyamaa badii raawwateen hayyamni isaa jalaa haqame hanga waggaa 5 tti (shaniitti) hayyama hojiiwwan albuudaa biraa argachuu hin danda'u.

## 36. Hayyama Yeroof Dhorkuu

Hayyamni hojiiwwan albuudaa haalota armaan gadiitiin yeroof dhorkamuu ni danda'a:

1) Iddoo hayyamni hojiiwwan albuudaa irratti kennamerratti waldhabdeen yoo uumame;

2) Hojiiwwan biroo hojii albuudaa waliin hin deemne raawwachuun yoo eerameefi kunis yoo mirkanaa'e;

(i) መሸጥ የሚችል ንብረት ከሆነ ባለስልጣኑ ከሚመለከተዉ አካል ጋር በመሆን የንብረት ግምት በ ባለሞያ መፈፀም ወይም ንብረቱን በጨረታ እንዲሸጥ ማድረግ፤

(ii) መሬቱ ላይ ያለዉ ባለ ፈቃድ ንብረት የማይሸጥ እና ጉዳት የሚያደርስ ከሆነ ባለ ስልጣኑ ከሚመለከተዉ አካል ጋር በመሆን ለሌላ ጥቅም እንዲዉል ወይም እንዲወገድ የሚያደርግ ይሆናል፡፡

2) አዲስ ሰዉ በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 (ሐ) መሰረት በመሬት ባንክ በተመለሰዉ ቦታ ላይ የፈቃድ ጥያቄ ካቀረበ፦

(ሀ) ፈቃድ ለማግኘት የሚያስፈልጉ መስፈርቶችን ማቅረብ ኣለበት፤

(ለ) ባለሥልጣኑ የከፍተኛ እና አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ስራ ፈቃድ የተሰረዘበት እና በቂ የማዕድን ክምችት እንዳለዉ የተረጋገጠዉ መሬት ላይ በሚወጣዉ መመሪያ በሚወሰኑ መስፈርቶች መሠረት በጨረታ አወዳድሮ ፈቃድ ይሰጣል፤

(ሐ) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 2 (ለ) መሰረት የተሰጠዉ ፈቃድ የሚመለከተዉ ኣካል በግልባጩ እንዲያዉቅ መደረግ ኣለበት፡፡

3) በፈፀመዉ ጥፋት ፈቃዱ የተሰረዘበት ባለ ፈቃድ እስከ 5 (አምስት) አመት ድረስ ሌላ የማዕድን ስራዎች ፈቃድ ማግኘት አይችልም፡፡

## 36. በጊዜያዊነት ፈቃድን ስለ ማገድ

በሚከተሉት ሁኔታዎች መሠረት የማዕድን ሥራዎች ፈቃድ ለጊዜው ሊታገድ ይችላል፦

1) የማዕድን ስራዎች ፈቃድ በተሰጠበት ቦታ ላይ አለመግባባት ከተፈጠረ፤

2) ከማዕድን ስራ ጋር የማይሄዱ ሌሎች ስራዎች መፈፀማቸዉ ኣቤቱታ ከቀረበ እና ይህም ከተረጋገጠ፤

(i) If it is the property that can be sold, the Authority in collaboration with the concerned body shall conduct property valuation using an expert or facilitate the sale of the property by auction;

(ii) If the property of the license holder that exist on the land cannot be sold and can cause damage, the Authority in collaboration with the concerned body shall make to be used for any other benefit or facilitate its disposal.

2) If a new person lodges an application for a license on the place that is returned to land bank based on sub-article 1(c) of this Article:

(a) The applicant shall submit his application fulfilling the requirements for acquiring license;

(b) The Authority shall, through conducting tender competition with the requirements to be determined by the Directive to be issued, issue license on the land whose Large- and Small-Scale mineral production license is cancelled and which is proved to have sufficient mineral remains.

(c) The license that is issued based on sub-article 2 (b) of this Article shall be notified to the concerned body through certified copy.

3) The license holder whose license is cancelled for the fault he committed shall not acquire any other type of mining operations license up to 5 (five) years.

## 36. Temporary Suspension of License

The mining operations license may be temporarily suspended for the following conditions:

1) If conflict arose on the place where the mineral operations license is given;

2) If it is complained that any other activity which is not related with mineral operation has been conducted and such is ascertained.

3) Hojiin seeraan alaa raawwatamee akeekkachiisni kennameefi yoo sirreessuu baate;
4) Dhimmoota hordoffiidhaan adda bahanii dhiyaatan hanga sirreessuutti hayyamni yeroof dhorkamee ni tura.

## 37. Lafa Hayyama Oomisha Albuudaa Babal'isuu

1) Gaaffiin babal'isuu lafa oomisha albuudaa hayyamamuu kan danda'u:
(a) Abbaan hayyamaa hojii oomisha albuudaa seeraan raawwachaa kan jiru yoo ta'e;
(b) Hojii oomisha albuudaatiif meeshaaleen barbaachisan naannoo hayyamaa yoo jiraatan;
(c) Fedhiin guddaan albuuda oomishamuu kan jiru yoo ta'e;
(d) Iddoo hayyamaa duraanii keessaa kuufamni albuudaa dhumaa jiraachuu isaafi humna abbaa hayyamaa waliin kan hin deemne yoo ta'e;
(e) Lafti kuufama albuudichaa qabu daangaa hayyamaa kanatti aanee jira yoo ta'eedha.
2) Gaaffiin babal'ifannaa lafaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dabalataan gaafatame akkuma hayyama haaraa gaafatamutti ragaan barbaachisu dhiyaachuu qaba.
3) Ragaan lafa dabalataa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin gaafatamee erga qulqullaa'eefi sanadni gamaaggama dhiibbaa naannoofi hawaasaa mirkanaa'ee dhiyaateen booda, dokumantiin bu'a qabeessummaa hojii dhiyaatee xiinxalamuu qaba.
4) Gaaffiin lafa babal'ifannaa fudhatama yoo argate kaffaltiin barbaachisu kaffalamee waliigalteen qophaa'ee mallattaa'udhaan hayyamni ni kennama.



(ሐ) ህገ ወጥ ስራ ተፈፅሞ ማስጠንቀቂያ ተሰጥቶት ካላስተካከለ፤
(መ) በክትትል ተለይተው የቀረቡ ጉዳዮችን እስከሚያስተካክል ድረስ ፈቃዱ ለጊዜዉ ታግዶ ይቆያል፡፡

## 37. የማዕድን ማምረት ስራ ፈቃድ መሬትን ስለ ማስፋፋት

1) የማዕድን ማምረቻ መሬትን የማስፋፋት ጥያቄ ሊፈቀድ የሚችለዉ፦
(ሀ) ባለፈቃድ የማዕድን ማምረት ስራን በህግ አግባብ እየፈፀመ ያለ ከሆነ
(ለ) ለማዕድን ማምረት ስራ የሚያስፈልጉ መሳሪያዎች በተፈቀደዉ አክባቢ ካሉ፤
(ሐ) የሚመረተዉ ማዕድን ከፍተኛ ፍላጎት ያለ እንደሆነ፤
(መ) ከቀድሞዉ የፈቃድ ቦታ ዉስጥ የማዕድን ክምችት እያለቀ መሆኑ እና ከባለፈቃዱ አቅም ጋር የማይሄድ ከሆን፤
(ሠ) የማዕድኑ ክምችት ያለዉ መሬት ከዚሁ የፈቃድ ወሰን ቀጥሎ ያለ ከሆነ፡፡
2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሠረት በተጨማሪ የተጠየቀዉ የመሬት ማስፋፊያ ጥያቄ አዲስ እንደሚጠየቀዉ ፈቃድ የሚያስፈልገዉ ማስረጃ መቅረብ አለበት፡፡
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 2 መሠረት የተጠየቀዉ ተጨማሪ መሬት ማስረጃ ከተጣራ እና የአከባቢ እና ማህበረሰብ ተፅዕኖ ግምገማ ሰነድ ፀድቆ ከቀረበ በኋላ የቀረበዉ ስራ ዉጤታማነት ሰነድ መመርመር አለበት፡፡
4) የመሬት ማስፋፊያ ጥያቄው ተቀባይነት ካገኘ የሚያስፈልገዉ ክፍያ ተከፍሎ ዉሉ ተዘጋጅቶ በመፈረም ፈቃድ ይሰጣል፡፡



3) If he failed to correct the illegal activity performed for which he is provided reprimand;
4) The license remains suspended temporarily until he corrects those issues identified through following up.

## 37. Expansion of Mining License Land

1) An application for the expansion of mining license land may be permitted:
(a) If the licensee is performing the mining operations lawfully;
(b) If the equipment necessary for mining operation are available around the license area;
(c) If there is high demand for the produced mineral;
(d) If the deposit of mineral has been depleting from the previous license area and it is incompatible with the license holder's capacity;
(e) If the land having deposit of the mineral exists bordering the license area.
2) The application for an extension of land additionally lodged based on sub-article 1 of this Article shall be produced with necessary evidences in the same manner as an application for a new license.
3) After an evidence for an application for additional land applied based on Article 2 of this Article is ascertained, and an approved document of environmental and societal impact assessment is produced, the efficacy of operation document shall be produced and analyzed.
4) If an application for an extension of land is accepted, license shall be issued after payment of necessary fees and the prepared agreement is signed.

### 38. Dhimmoota Dhorkaman

1) Namni kamiyyuu Abbaa Taayitichaa osoo hin beeksisiin yookiin hin hayyamsiisin dhimmoota armaan gadii raawwachuu hin danda'u:

(a) Hojii oomisha albuudaa lafaafi mashineerii kireeffatanii gaggeessuu;

(b) Hojii ogummaa addaa kan barbaaduufi biyya keessa kan hin jirre yoo ta'e malee lammii biyya alaa qaxaranii hojjechiisuu;

(c) Qaamni biraa meeshaalee qabuun albuudaa akka oomishuu gochuu;

(d) Hayyama dabarsuu.

2) Abbaan hayyamaa, hayyamni jalaa haqamee guyyaa haqamuu isaa xalayaadhaan isa dhaqqabe irraa eegalee oomisha albuudaa gaggeessuu hin danda'u.

### 39. To'annoo Haftee Oomisha Albuudaa

1) Qaamni bu'uraalee misoomaa hawaasaaf hojjetu yookiin pirojeektii mootummaan gaggeeffamu raawwatu hojicha jalqabuun duratti hanga albuudaa ijaarsaaf isa barbaachisu Abbaa Taayitichaaf dhiyeessuu qaba.

2) Abbaan Taayitichaa ijaarsa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin gaggeeffamuuf karaa Mootummaa yookiin qaama biraatiin albuuda ijaarsaa kanaaf baajanni kan hin ramadamne ta'uu ni qulqulleessa.

3) Abbaan pirojeektii bu'uuraaleen misoomaa hawaasaaf tajaajila kennan hojjetamanii yeroo xumuraman hanga albuuda ijaarsaa oomishamee ijaarsicharraa hafe Abbaa Taayitichaaf gabaasa dhiyeessuu qaba.

4) Albuudni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin oomishamee hojii ijaarsaa irraa hafe mootummaaf galii ta'uu qaba. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 38. የተከለከሉ ጉዳዮች

1) ማንኛውም ሰዉ ባለሥልጣኑን ሳያሳውቅ ወይም ሳያስፈቅድ የሚከተሉትን ጉዳዮች መፈፀም አይችልም፦

(ሀ) መሬት እና ማሽነሪ በመከራየት የማዕድን ማምረት ስራ ማካሄድ፤

(ለ) ልዩ ሙያ የሚፈልግ ስራ ከሆነ እና በሀገር ዉስጥ የሌለ ካልሆነ በስተቀር የዉጭ ሀገር ዜጋ ቀጥሮ ማሰራት፤

(ሐ) ሌላ ኣካል ባሉት መሳሪያዎች ማዕድን እንዲያመርት ማድረግ፤

(መ) ፈቃድ ማስተላለፍ፤

2) ባለ ፈቃዱ ፈቃድ ተሰርዞበት መሰረዙ በደብዳቤ ከደረሰዉ ቀን ኣንስቶ የማዕድን ማምረት ስራ ማካሄድ አይችልም።

### 39. ስለ ተራፊ የማዕድን ምርት ቁጥጥር

1) ለማህበረሰቡ የመሰረተ ልማቶች የሚሰራዉ ወይም በመንግስት የሚካሄደዉን ፕሮጀክት የሚፈፅም አካል ስራዉን ከመጀመሩ በፊት ለግንባታ የሚያስፈልገዉን የማዕድን መጠን ለባለስልጣኑ ማቅረብ አለበት።

2) ባለሥልጣኑ በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሰረት ለሚካሄደዉ ግንባታ በመንግስት ወይም በሌላ አካል ለዚሁ የግንባታ ማዕድን በጀት ያልተመደበ መሆኑን ያጣራል።

3) የፕሮጀክቱ ባለቤት ለማህበረሰቡ አገልግሎት የሚሰጡ መሰረተ ልማቶች ተሰርተዉ በሚያልቁበት ጊዜ ተመርቶ ከግንባተዉ የቀረዉ የግንባታዉ የማዕድን መጠን ለባለስልጣኑ ሪፖረት ማቅረብ አለበት።

4) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 3 መሰረት ተመርቶ ከግንባታዉ ስራ የቀረዉ ማዕድን ለመንግስት ገቢ መሆን አለበት። አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

### 38. Prohibited Issues

1) No person shall perform the following issues without notifying the Authority or securing the Authority's permission:

(a) Carrying out mining operations by renting land and machinery;

(b) Hiring a foreigner, unless the work requires special expertise and such expertise is not found within the country;

(c) To make any other body to perform mineral production with its available equipment;

(d) Transferring license.

2) A licensee whose license is cancelled shall not conduct mining operation from the date he received cancellation letter.

### 39. Control of Mineral Production Residue

1) The body constructing infrastructures for the society or performs projects conducted by the government shall, before commencing the work, provide to the authority the consumable amount of mineral necessary for his construction.

2) The Authority shall investigate whether the budget is not allocated for the construction mineral for the construction conducted as per sub-article 1 of this Article.

3) When constructions of infrastructures rendering services for the public are completed, the project owner shall report to the Authority the remains of construction mineral from the produced construction mineral.

4) The residue of mineral produced as per Sub-Article 3 of this Article, shall be deposited to the government. Its implementation shall be determined by the Directive to be issued.

5) Hafteen kuufama oomisha albuudaa yeroo waliigalteen hayyama albuudaa addaan citu, haqamu yookiin barri hayyamaa dhumatutti oomishamee walitti kuufamee jiru ogeessaan tilmaamamee mootummaan akka dhaalamu kan taasifamu ta'a.

**40. Albuuda Seeraan Alaa qabame Gurguruu.**

1) Albuudni kamiyyuu seeraan ala kuufamee yookiin qabatamee yookiin geejjiibsiifamaa osoo jiru yoo qabame dhaalamee caalbaasiidhaan gurguramee mootummaaf galii ta'a.
2) Miseensota, aangoofi hojii Koree Caalbaasii Sadarkaa Naannoo, Sadarkaa Godinaa, Sadarkaa Magaalaafi Sadarkaa Aanaa Qajeelfama Boordichaan bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Shan
## Mirgaafi Dirqama Abbaa Hayyamaa

**41. Mirga Bu'uuraalee Misoomaa Ijaaruufi Diriirsuu**

1) Abbaan hayyamaa bu'uuraalee misoomaa hojiif barbaachisaa ta'an ijaaruufi diriirisuuf mirga qaba.
2) Bu'uraaleen misoomaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin hojjetaman, haala dizaayiniifi teknika rogummaa qabu hordofeen, nageenyi isaa eegameefi tajaajila gahumsa qabu kennuu danda'uun ijaaramuu, suphamuufi faayidaa irra ooluu qabu.
3) Abbaan hayyamaa bu'uuraaleen misoomaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin hojjate tajaajila daldalaa kamiifuu akka oolu yoo taasifame, baasiin bu'uuraalee misoomaa hojjechuufi suphuuf baase namoota kaayyoo daldalaatiif itti fayyadaman gidduutti akka qoodamu Abbaa Taayitichaa gaafachuu ni danda'a.

5) የማዕድን ፈቃድ ዉል በሚቋረጥበት፣ በሚሰረዝበት ወይም የፈቃድ ዘመን በሚያልቅበት ጊዜ ተመርቶ ተከማችቶ ያለዉ ቀሪዉ የማዕድን ምርት ክምችት በባለሞያ ተገምቶ በመንግስት እንዲወረስ የሚደረግ ይሆናል፡፡

**40. የተያዘን ህገ ወጥ ማዕድን መሸጥ**

1) ማንኛዉም ማዕድን በሕገወጥ መንገድ ተከማችቶ ወይም ተይዞ ወይም እየተጓጓዘ እያለ ከተያዘ ተወርሶ በጨረታ ተሸጦ ለመንግስት ገቢ ይሆናል፡፡
2) የክልል፣ የዞን፣ የከተማ እና የወረዳ ደረጃ የጨረታ ኮሚቴ አባላት፣ ስልጣንና ተግባር በቦርዱ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## ክፍል አምስት
## የባለ ፈቃድ መብትና ግዴታ

**41. መሰረተ ልማቶችን የመገንባት እና የመዘርጋት መብት**

1) ባለፈቃድ ለስራው አስፈላጊ የሆኑ መሰረተ ልማቶችን ለመገንባት እና ለመዘርጋት መብት አለዉ፡፡
2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሰረት የሚሰሩ መሰረተ ልማቶች፣ አግባብነት ያለዉ ዲዛይን እና ቴክኒክ በተከተለ ፣ ደህንነቱ በተጠበቀ እና ብቃት ያለዉ አገልግሎት መስጠት በሚችል ሁኔታ መገንባት፣ መጠገን እና ጥቅም ላይ መዋል አለበት፡፡
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሰረት በባለፈቃድ የተሰራዉ መሰረተ ልማቶች ለማንኛዉም የንግድ አገልግሎት እንዲዉል ከተደረገ፣ መሰረተ ልማቶቹን ለመስራት እና ለመጠገን ያወጣው ወጭ ለንግድ አላማ ለሚጠቀሙበት ሰዎች እንዲከፋፈል ባለስልጣኑን መጠየቅ ይችላል፡፡

5) The deposit of mineral remains produced and deposited by the time the contract of mineral license is terminated, cancelled or term of license is expired, shall be confiscated by the government after being estimated by an expert.

**40. Selling the Seized Illegal Mineral**

1) Any mineral seized while being illegally deposited or hold retained or transported shall be confiscated and deposited to the government after being sold by auction.
2) Members, powers and duties of tender committee at the regional, zonal, city and District/Woreda level shall be determined by the Directive to be issued by the Board.

## Part Five
## Rights and Obligations of the Licensee

**41. The Right to Construct and Extend Infrastructures**

1) The licensee has the right to construct and extend infrastructures necessary for the work.
2) The infrastructures constructed as per sub-article 1 of this Article shall be constructed maintained and be used following the relevant set of techniques and design, safeguarded safety and capable of rendering efficient service.
3) If the infrastructures constructed as per sub-article 1 of this Article is made open to be used for any commercial service, the licensee may apply to the Authority requesting that the cost he spent for the construction and maintenance of infrastructures to be shared among those individuals using it for identical commercial purpose.

4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin gaaffiin yammuu dhiyaatu Abbaan Taayitichaa:

(a) Qooda fayyadamummaa isaanii bu'uura godhachuun itti fayyadamtoota tokkoo tokkootiif baasii jiru bifa haqa qabuun ni qoodaaf;

(b) Baasiin itti fayyadamtoota giddu-utti qoodamu ida'ama waliigalaa hir'ina dullumaa waggaa waggaa bu'uuraalee misoomaa, baasii hoji adeemsistuufi suphaaf ta'a;

(c) Hir'inni dullumaa waggaa waggaa kan herreegamu, baasii kaapitaala bu'uraalee misoomaa hir'ifamaa hin taane abbaa hayyamaatiif bara hayyamaa hafeef addaan qooduun ta'a.

5) Abbaan hayyamaa kamiyyuu daangaa hayyama isaa keessatti bu'uuraalee misoomaa barbaachisaa ta'an diriirsuuf daangaa hayyama isaa keessaafi bu'uuraalee misoomaa ijaaruuf albuuda ijaarsaa hanga isa barbaachisu itti fayyadamuu ni danda'a.

6) Abbaan Hayyamaa kamiyyuu albuuda ijaarsaa daangaa naannawaa hayyama isaatiin ala jiru Abbaa Taayitichaa dursee hayyamsiisuun bu'uuraalee misoomaa ijaaruuf hanga isa barbaachisu itti fayyadamuu ni danda'a.

## 42. Mirga Albuudaalee yeroo Qorannoo Argaman Irratti Ajajuu

1) Abbaan hayyama qorannoo albuudaa, Abbaa Taayitichaa hayyamsiisuun albuudaalee hayyama isaa irratti caqasameefi kan biroo qabatee turuu yookiin irratti ajajuu ni danda'a.

2) Abbaan Taayitichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti iyyataan albuudicha iddoo hayyamaa irraa akka kaasuufi gibira galiifi rooyalitii itti kaffaluun qabatee akka turu yookiin akka irratti ajaju hayyamuu ni danda'a.

4) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 3 መሰረት ጥያቄ ሲቀርብ ባለሥልጣኑ፦

(ሀ) የተጠቃሚነት ድርሻቸዉን መሰረት በማድረግ ለእያንዳንዳቸዉ ተጠቀሚዎች ያለዉን ወጪ በፍትሐዊነት ያከፋፍላቸዋል፤

(ለ) ለተጠቃሚዎች የሚከፋፈለዉ ወጭ የበየዓመቱ የመሰረተ ልማቶች ዋጋ ቅነሳ ተመን ጠቅላላ ድምር፣ የስራ ማስኬጃ ወጪ እና ለጥገና ይሆናል፤

(ሐ) የያመቱ ዋጋ ቅነሳ ተመን የሚሰላዉ ተቀናሽ የማይሆነዉ የመሰረተ ልማቶች የካፒታል ወጭ ለባለፈቃዱ ለቀረዉ የፈቃድ ዘመን በማከፋፈል ይሆናል።

5) ማንኛዉም ባለፈቃድ በፈቃዱ ፍቅድ ወይም ወሰን ወስጥ ኣስፈላጊ የሆኑ መሰረተ ልማቶችን ለመዘርጋት በፈቃዱ ወሰን ወስጥ እና መሰረተ ልማቶችን ለመገንባት የሚያስፈልጉትን የግንባታ ማዕድን መጠን ሊጠቀምበት ይችላል።

6) ማንኛዉም ባለ ፈቃድ ባለስልጣኑን ኣስቀድሞ በማስፈቀድ፣ከፈቃዱ ወሰን ኣከባቢ ዉጭ ያለን የግንባታ ማዕድን፣ መሰረተ ልማቶችን ለመገንባት የሚያስፈልገውን ያህል ሊጠቀምበት ይችላል።

## 42. በምርመራ ጊዜ የተገኙ ማዕድናት ላይ የማዘዝ መብት

1) የማዕድን ምርመራ ባለፈቃድ፣ ባለሥልጣኑን በማስፈቀድ በፈቃዱ ላይ የተጠቀሰዉን ማዕድናች እና ሌሎችን ይዞ መቆየት ወይም ሊያዝበት ይችላል።

2) ባለሥልጣኑ እንደአስፈላጊነቱ አመልካች ማዕድኑን ከፈቃድ ቦታ ላይ እንዲያነሳ እና የገቢ ግብር እና ሮያሊቲ ከፍሎበት ይዞ እንዲቆይ ወይም እንዲያዝበት ሊፈቅድ የችላል።

4) When an application is submitted as per sub-article 3 of this Article, the Authority:

(a) Based on their share of utility, fairly shares the existing cost for each user;

(b) The cost shared among individual users shall be the summation of the annual depreciation value of infrastructures, for operational and maintenance expenses.

(c) The annual depreciation cost shall be calculated by dividing the non-deductible infrastructural capital expense for the remaining license period of the licensee.

5) Any licensee may use any amount of construction mineral he demands to extend the necessary infrastructures within his license area, and to construct infrastructures.

6) Any licensee may, after securing prior permission of the Authority, use the construction minerals found beyond the boundary of his mineral license to the extent he demands to construct infrastructures.

## 42. The Right to Have Control on Minerals Obtained During Exploration

1) The exploration licensee may, up on securing permission of the Authority, retain and give direction on the minerals mentioned on the license and other minerals.

2) The Authority may, as deemed necessary, permit the applicant to; remove the mineral from the license area and retain it by paying income tax and royalty or provide direction on it.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yeroo qorannoon gaggeeffamu keessatti albuuda argame abbaan hayyamaa qabatee akka turu yookiin akka itti ajaju kan hin hayyamamneef yoo ta'e albuudichi qabeenya mootummaa ta'a.

**43. Meeshaa Qaraxa Gumruukaa Irraa Bilisa Galfachuu**

1) Abbaan hayyamaa meeshaalee hojiiwwan misooma albuudaa raawwachuuf barbaachisaniifi sagantaa hojii isaa keessatti dhiyeeffate qaraxa irraa bilisaan galfachuuf xalayaa deeggarsaa Abbaa Taayitichaa gaafachuu ni danda'a.
2) Abbaan hayyamaa hojiiwwan albuudaatiif meeshaalee gargaaran qaraxaafi taaksii irraa bilisaan galfate kamiyyuu beekkamtii Abbaa Taayitichaatiin alatti kaayyoo biraatiif oolchee yoo argame hayyamni isaa kan haqamuufi meeshaalee kanaafis qaraxa kan kaffalu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, barri hayyama qorannoo albuudaa xumuramuuf jiini 9 (sagal) yeroo hafutti gaaffiin qaraxa irraa bilisa taasisuu Abbaa hayyamaatiin dhiyaatu fudhatama hin qabu.
4) Abbaan hayyama sadarkaa guddaa guyyaa hayyama argate irraa eegalee hanga waggaa 5 tti (shaniitti) mirga qaraxa irraa bilisa galfachuutti fayyadamuu ni danda'a.
5) Abbaan hayyama sadarkaa xiqqaa guyyaa hayyama argate irraa eegalee hanga waggaa 2 tti (lamaatti) mirga qaraxa irraa bilisa galfachuutti fayyadamuu ni danda'a.

3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 2 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ምርመራ በሚካሄድበት ጊዜ ዉስጥ የተገኘወን ማዕድን ባለፈቃዱ ይዞ እንዲቆይ ወይም እንዲያዝበት ያልተፈቀደለት እንደሆነ፣ማዕድኑ የመንግስት ንብረት ይሆናል።

**43. መሳሪያን ከጉሙሩክ ቀረጥ ነፃ ስለማስገባት**

1) ባለ ፈቃድ የማዕድን ልማት ስራዎችን ለመፈፀም የሚያስፈልጉ መሳሪያዎችን እና በስራዉ መርሓግብር ወስጥ ያቀረበዉን ከቀረጥ ነፃ ለማስገባት ባለስልጣኑን የድጋፍ ደብዳቤ መጠየቅ ይችላል።
2) ለማዕድን ስራዎች የሚጠቅሙ መሳሪያዎችን ከቀረጥ እና ታክስ ነፃ ያስገባዉ ማንኛዉም ባለ ፈቃድ፣ ከባለ ስልጣኑ እዉቅና ዉጭ ለሌላ ኣላማ አዉሎ ከተገኘ ፣ ፈቃዱ የሚሰረዝ እና ለዚሁ መሳሪያዎችም ቀረጥ የሚከፍል ይሆናል።
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ ኣንቀፅ 1 ስር የተደነገገዉ ቢኖርም የማዕድን ምርመራ ፈቃድ ዘመን ሊጠናቀቅ 9 (ዘጠኝ) ወር ሲቀር በባለ ፈቃድ የሚቀርብ ከቀረጥ ነፃ የማድረግ ጥያቄ ተቀባይነት የለዉም።
4) የከፍተኛ ደረጃ ባለፈቃድ ፈቃድ ካገኘ ቀን ኣንስቶ እስከ 5 (አምስት) ኣመት ከቀረጥ ነፃ በማስገባት መብት ሊጠቀም ይችላል።
5) የአነስተኛ ደረጃ ባለፈቃድ ፈቃድ ካገኘ ቀን አንስቶ እስከ 2 (ሁለት) አመት ከቀረጥ ነፃ በማስገባት መብት ሊጠቀም ይችላል።

3) Without prejudice to sub-article 2 of this Article, if it is not allowed for the licensee to retain or order on the mineral discovered within the period of exploration, the mineral shall become the property of government.

**43. Importing Equipment in Customs Duties Exemption**

1) The licensee may request the Authority letter of support that help him import duty free equipment required for carrying out mineral production operations which he has presented in his work plan.
2) Any licensee who has imported equipment that help for carrying out mineral production operations custom-exempted and duty free is found to have used them for other different purpose without recognition of the Authority shall get his license cancelled and he shall also pay customs duty for this equipment.
3) Notwithstanding to sub-article 1 of this Article, the licensee's application for customs-duty exemption 9 (nine) months before the expiry of mineral exploration license period shall not be accepted
4) Licensee of large scale license may use the right to import custom duty free from the date he acquired his license up to 5 (five) years.
5) Licensee of small-scale license may use the right to import custom duty free from the date he acquired his license up to 2 (two) years.

## 44. Mirga Samuuda Albuudaa Qorachiisuu

1) Abbaan hayyamaa kamiyyuu mirga saamuda albuudaa biyya keessaafi biyya alaatti qorachiisuu ni qabaata.
2) Abbaan hayyamaa saamuda albuudaa qorachiisuu barbaadu kamiyyuu ulaagaa armaan gadii guutuu qaba:
(a) Hayyama seeraan kenname qabaachuu;
(b) Hojii qorannoo eegalee hojjechaa jiraachuun isaa mirkanaa'uu;
(c) Saamuda albuudaa iddoo lamatti qoodee dhiyeessuu;
(d) Walakkaa saamudaa Abbaa Taayitichaa biratti hambisuu;
(e) Saamuda qo'annoodhaaf ergamu bakka ogeessi Abbaa Taayitichaa jirutti saamsuu;
(f) Meeshaa saamudni ittiin saamsame irratti ogeessi Abbaa Taayitichaa mallatteessudhaan chaappaa irratti taasisuu.
3) Saamudni albuudaa qorannoof ergamu ogeessa Abbaa Taayitichaatiin gara Komishinii Gumuruukaatti kan geeffamu ta'a.
4) Yeroo bu'aan qo'annoo dhufu kooppiin tokko saamuda Abbaa Taayitichaa biratti hafe waliin qindaa'ee taa'uu qaba.
5) Albuudni saamudaaf fudhatame kamiyyuu qabeenyummaan isaa kan mootummaa ta'ee erga qorannoon xumuramee booda Abbaa Taayitichaatiif deebi'uu qaba.

## 45. Dirqama Abbaa Hayyamaa

Labsicha Keewwata 33 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaan hayyamaa dirqama armaan gadii ni qabaata:

1) Guyyaa Abbaa Taayitichaatti iyyannoo dhiyeeffate irraa eegalee ji'a 1 (tokko) keessatti dhimma isaa hordofee xumursiifachuu qaba.

## 44. የማዕድን ናሙናን የማስመርመር መብት

1) ማንኛውም ባለፈቃድ የማዕድን ናሙናን በሀገር ውስጥ እና በውጭ ሀገር የማስመርመር መብት ይኖረዋል፡፡
2) የማዕድን ናሙናን ማስመርመር የሚፈልግ ማንኛውም ባለፈቃድ የሚከተሉትን መስፈርት ማሟላት አለበት፦
(ሀ) በህግ አግባብ የተሰጠ ፈቃድ ያለው፤
(ለ) የምርመራ ስራ ጀምሮ እየሰራ ስለመሆኑ መረጋገጥ፤
(ሐ) የማዕድን ናሙናን ከሁለት ቦታ ከፍሎ ማቅረብ፤
(መ) የናሙናዉን ግማሽ ባለስልጣኑ ጋር ማስቀረት፤
(ሠ) ለምርመራ የሚላከዉን ናሙና የባለስልጣኑ ባለሙያ ባለበት ማሸግ፤
(ረ) ናሙናዉ የታሸገበት መሳሪያ ላይ የባለስጣኑ ባለሙያ በመፈረም ማሕተም ማኖር፡፡
3) ለምርመራ የሚላክ የማዕድን ናሙና በባለስልጣኑ ባለሙያ ወደ ጉሙሩክ ኮሚሽን የሚላክ ይሆናል፡፡
4) የምርመራ ዉጤት ሲመጣ አንድ ግልባጭ ባለሥልጣኑ ዘንድ ከቀረዉ ናሙና ጋር ተቀናጅቶ መቀመጥ አለበት፡፡
5) ለናሙና የተወሰደ ማንኛዉም ማዕድን ንብረትነቱ የመንግስት ሆኖ ምርመራ ከተጠናቀቀ በኋላ ለባለሥልጣኑ መመለስ አለበት፡፡

## 45. የባለ ፈቃድ ግዴታ

በአዋጁ አንቀፅ 33 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ባለፈቃዱ የሚከተሉት ግዴታ የኖረዋል፤

1) ለባለሥልጣኑ ማመልከቻ ከቀረበበት ቀን ጀምሮ በ 1 (አንድ) ወር ዉስጥ ጉዳዩን ተከታትሎ ማስጨረስ አለበት፡፡

## 44. The Right To Make Mineral Sample Examined

1) Any licensee shall have the right to make mineral sample examined within the country and abroad.
2) Any licensee who wants to get mineral sample examination shall fulfill the following requirements:
(a) To have legally provided license;
(b) Approval of his commencement and carrying out of the exploration activity;
(c) Submitting mineral sample dividing in two parts;
(d) Depositing or Reserving half of the sample at the Authority; seal
(e) Sealing the sample to be sent for examination in the presence of the Authority's expert;
(f) Signing by expert of the Authority on the material in which the sample is sealed and stamp over it.
3) The mineral sample sent for examination shall be sent to the Customs Commission by the expert of the Authority.
4) When the examination result arrives one copy shall be kept corresponded with the sample left with the Authority
5) Any mineral taken for sample shall be the possession of the government; and it shall be returned to the Authority after the examination is completed.

## 45. Obligation of the Licensee

Without prejudice to the provision of Article 33 of the Proclamation, the licensee shall have the following obligations:

1) Shall follow and cause to be completed his case within 1 (one) month from the date of submitting complaint/application to the Authority.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus rakkoo yeroo kaa'ame keessatti dhimma isaa akka hin xumursiisfanne taasise yoo qabaate barreeffamaan Abbaa Taayitichaa beeksisuu qaba.
3) Albuudaalee ijaarsaa lammiin biyya keessaa irratti hirmaatee hojjechuu danda'u irratti lammii biyya alaa hirmaachisuu hin danda'u.
4) Abbaan hayyamaa qorannoo albuudaa qabu yeroo turtii hayyamaa walakkaa qorannoo gaggeessu malee hayyama oomishaa gaafachuu hin danda'u.
5) Bu'uuraalee misoomaa armaan dura hojjetametti fayyadamuuf baasii calqaba ijaarsichaaf bahe keessaa turtii yeroo bu'uura misoomichaa irratti hundaa'uudhaan hanga waggaa 1 tti (tokkootti) % 20 (digdamaa)fi sanaan booda % 5 (shan) baasii qooddachuufi suphaa ilaalchisee fayyadamtoota bu'uura misoomichaa waliin walqixa gumaachuu qaba.
6) Abbaan hayyamaa hojii qorannoo albuudaa, gabaasa bu'aa qorannoo qindeessee waggaa waggaadhaan Abbaa Taayitichaaf dhiyeessuu qaba.
7) Abbaan hayyamaa oomisha albuudaa sadarkaa hundaa kurmaana kurmaanaan raawwii hojii oomishaa, gurgurtaa, meeshaalee iddoo hayyamaa jiran, baasii bahe, rakkina isa qunname, kaffaltii adda addaa raawwatame hunda qindeessudhaan Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu qaba.
8) Abbaan hayyamaa albuudaa sadarkaa xiqqaafi guddaa bu'aa qulqulluu argatu keessaa walduraa duubaan % 3 (sadii) fi % 5 (shan) mootummaaf kaffaluu qaba.
9) Albuudaalee oomishee gurguru hundaa nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa kutee gurguruu qaba.

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ስር የተደነገገዉ ቢኖርም፣ በተቀመጠዉ ጊዜ ዉስጥ ጉዳዩን እንዳያስጨርስ ያደረገዉ ችግር ካለዉ ባለስልጣኑን በፅሁፍ ማሳወቅ አለበት።
3) የሀገር ዉስጥ ዜጋ ተሳትፎበት ሊሰራ የሚችለዉን የግንባታ ማዕድኖች ላይ የዉጭ ሀገር ዜጋን ማሳተፍ አይችልም።
4) የማዕድን ምርመራ ፈቃድ ያለዉ ባለፈቃድ በፈቃድ ቆይታ ጊዜ ግማሽ ምርመራ ካላካሄደ በስተቀር የማምረት ፈቃድ መጠየቅ አይችልም።
5) ከዚህ ቀደም በተሰራዉ መሰረተ ልማቶች ለመጠቀም የመሰረተ ልማቱ የቆይታ ጊዜ ላይ በመመስረት እስከ 1 (አንድ) አመት 20 % (ሀያ) እና ከዚያ በኋላ 5 % (አምስት) ወጭ መጋራት እና ጥገና አስመልክቶ ከመሰረተ ልማቱ ተጠቃሚዎች ጋር በጋራ እኩል ማበርከት አለበት።
6) የማዕድን ምርመራ ስራ ባለፈቃድ፣ የምርመራ ዉጤት ሪፖርት ኣቀናጅቶ በየአመቱ ለባለሥልጣኑ ማቅረብ ኣለበት።
7) የሁሉም ደረጃ የማዕድን ማምረት ባለፈቃድ በየሩብ አመቱ የማምረት ስራ ፣ ሽያጭ፣ በፈቃድ ቦታ ያሉ መሳሪያዎች፣ የወጣ ወጭ፣የገጠመዉን ችግር፣ የተፈፀመዉን የተለያዩ ክፍያ በሙሉ በማቀናጀት ለባለስልጣኑ የስራ አፈፃፀም ማቅረብ አለበት።
8) የአነስተኛ እና የከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ባለፈቃድ ከሚያገኘዉ የተጣራ ገቢ ዉስጥ በቅደም ተከተል 3 % (ሶስት) እና % 5 (አምስት) ለመንግስት መክፈል አለበት።
9) አምርቶ የሚሸጠዉን ማዕድናት በሙሉ የሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ ቆርጦ መሸጥ አለበት።

2) Notwithstanding to the provision of sub-article 1 of this Article, if there is a problem that prevented him from following up to finishing his case within the time specified, he shall inform to the Authority in writing.
3) He cannot make a foreign citizen to participate in construction activities to be performed by the participation of domestic citizen.
4) Licensee having mineral exploration license shall not apply for a production license unless he conducts exploration for half of the exploration license period.
5) To use the previously built infrastructure, from the cost spent first for the construction, depending on the duration of the infrastructure, up to 1 (one) year 20 % (twenty) and after that 5 % (five) shall be shared equally with the users of the infrastructure in terms of cost sharing and maintenance.
6) The licensee of mineral exploration shall organize report about the results of the exploration and submit to the Authority annually.
7) Licensees of all scales of mining licensees shall organize and submit to the Authority quarterly about the performance reports of production, sales, equipment found at the licensed site, expenses incurred, problems encountered and various payments made.
8) The small- and large-scale mining licensee shall pay %3 (three) and %5 (five) of their net income to the government respectively.
9) He shall sell all minerals that he produces and sells by providing minerals sale control receipt.

## Kutaa Jaha

## Boordii Hojiiwwan Misooma Albuudaa

### 46. Miseensota Boordii

1) Boordiin hojiiwwan misooma albuudaa miseensota 7 - 9 kan of keessaa qabu ta'ee, miseensonni isaas Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiin kan filataman ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan Tayitichaa Barreessaa Boordii ta'uun sagalee malee kan hirmaatu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordiin hojii isaa bu'aa qabeessa taasisuuf sadarkaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaatti qaamolee dhimmi ilaalu irraa koreewwan isa deeggaran hundeessuu ni danda'a. Raawwiin isaa Qajeelfama Boordichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

### 47. Sirna Walgahii Boordichaa

1) Walgahiin Boordichaa kurmaana kurmaanaan kan gaggeeffamu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walitti qabaan walgahii ariifachisaa waamuu ni danda'a.
2) Miseensota keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a.
3) Yaadni Murtii Boordichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 - 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordichi sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

### 48. Hojiifi Ittigaafatamumma Barreessaa Boordichaa

Barreessaan Boordichaa hojiifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Ajandaa Boordichaa ni qopheessa;
2) Qaboo yaa'ii Boordichaa ni qaba; ni qindeessa;
3) Murtiiwwan Boordichaa ni barreessa; ni raawwachiisa;

## ክፍል ስድስት

## የማዕድን ልማት ስራዎች ቦርድ

### 46. የቦርድ አባላት

1) የማዕድን ልማት ስራዎች ቦርድ ከ 7 - 9 አባላት በዉስጡ ያሉት ሆኖ፣ አባላቱም በክልሉ መንግስት ፕሬዝዳንት የሚመረጡ ይሆናል።
2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ስር የተደነገገዉ ቢኖርም፣ባለሥልጣኑ የቦርድ ፀሀፊ በመሆን ያለ ድምፅ የሚሳተፍ ይሆናል።
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ስር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ ቦርድ ስራዉን ዉጤታማ ለማድረግ በዞን፣ በከተማ ወይም በወረዳ ደረጃ ከሚመለከተዉ አካላት ድጋፍ ሰጭ ኮሚቴዎችን ማቋቋም ይችላል። አፈፃፀሙ ቦርዱ በሚያወጣዉ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

### 47. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ ስርዓት

1) የቦርዱ ስብሰባ በየሩብ አመቱ የሚካሄድ ሆኖ፣ እንደአስፈላጊነቱ ሰብሳቢዉ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል።
2) ከአባላት ዉስጥ ከግማሽ በላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤዉ የተሟላ ይሆናል።
3) የቦርዱ ዉሳኔ ሀሳብ በአብላጫ ድምፅ የሚያልፍ ሆኖ፣ ድምፅ እኩል ከሆነ በሰብሳቢዉ የተደገፈዉ ሀሳብ የቦረዱ ዉሳኔ ይሆናል።
4) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 - 3 ሥር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ስርዓት ሊያወጣ ይችላል።

### 48. የቦርዱ ፀሀፊ ስራ እና ተጠያቂነት

የቦርዱ ፀሀፊ የሚከተለዉን ስራ እና ተጠያቂነት ይኖረዋል፦

1) የቦርዱን አጀንዳ ያዘጋጃል፤
2) የቦርዱን ቃለ-ጉባኤ ይይዘል፣ያቀናጃል፤
3) የቦርዱን ዉሳኔዎች ይፅፋል፣ያስፈፅማል፤

## Part Six

## Mining Operations Development Board

### 46. Members of the Board

1) The mining operations development Board shall have 7- 9 members; and its members shall be selected by the President of the Regional State.
2) Notwithstanding to the provisions of sub-article 1 of this Article, the Authority shall participate as the secretary of the Board without vote.
3) Without prejudice to the provision of sub-article 1 of this Article, the Board may establish supportive committees from among the concerned bodies at the Zone, District/Woreda or City levels to make its work effective. Its implementation shall be determined by the Directive to be issued by the Board.

### 47. Meeting Procedures of the Board

1) The meetings of the Board shall be held quarterly; and the chairperson may call an urgent meeting as it deems necessary.
2) If more than half of the members are present, it shall be quorum of the meeting.
3) The decision of the Board shall be passed by majority vote, and if there is a tie, the proposal supported by the chairperson shall be the decision of the Board.
4) Without prejudice to the provisions under sub-articles 1 - 3 of this Article, the Board may issue its own meeting procedures.

### 48. Duty and Responsibility of Secretary of the Board

The Secretary of the Board shall have the following duty and responsibility:

1) Prepares agenda of the Board;
2) Takes and organizes the minutes of the Board;
3) Writes and enforces the decisions of the Board;

4) Koreewwan hojii Boordichaa bu'a qabeessa taasisuuf sadarkaa adda addaatti hunda'aniif deeggarsa barbaachisu ni taasisa;
5) Galmeefi sanadoota Boordichaa gurmeessee ni qabata; haala qabiinsa isaanii ni hammayyeessa;
6) Hojiiwwan Boordichaan kennamuuf hunda ni raawwata.

**49. Fayyadamummaa Hawaasaa Mirkaneessuu**

Fayyadamummaa hawaasaa, seera qabeessummaafi ittifufiinsa hojiiwwan misooma albuudaa mirkaneessuufi saffisiisuuf Abbaan Taayitichaa qorannoo irratti hundaa'ee hojimaata qopheessuun Boordichan mirkaneessisee hojiirra akka oolu taasisuu ni danda'a. Raawwiin isaa Qajeelfama Boordichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Torba**
**Beenyaa, Eegumsa Naannoofi Misooma Hawaasaa**

**50. Beenyaa**

1) Abbaan qabiyyee sababa misooma albuudaatiif lafa isaa kan gadilakkisu yoo ta'e hojii misooma albuudaa keessatti qooda qabaachuu ni danda'a.
2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin fayyadamuu kan danda'u:
(a) Abbaa qabiyyee ta'uu qaba;
(b) Misooma albuudaa keessatti hirmaachuuf fedhii qabaachuu;
(c) Galii beenyaa irraa argatu yookiin madda faayinaansii biroo qabu keessaa hanga sheerii bitachuu danda'u ibsuu qaba;
(d) Hojii Misooma albuudichaa irratti waliin misoomsuun bu'uura seeraatiin kan hin dhorkamne yookiin sababni seeraan fudhatamaa ta'e qooda (sheerii) akka hin qabaanne dhorku yoo kan hin jirre ta'e.

4) የቦርዱን ስራ ውጤታማ ለማድረግ በተለያየ ደረጃ ለተቋቋሙት ኮሚቴዎች አስፈላጊዉን ድጋፍ ያደርጋል፤
5) የቦርዱን መዝገብ እና ሰነዶች አደራጅቶ ይይዛል፣ የአያያዝ ሁኔታቸዉን ያዘምናል፤
6) በቦርዱ የሚሰጡትን ስራዎች ሁሉ ይፈፅማል፡፡

**49. የሕብረተሰብ ተጠቃሚነትን ማረጋገጥ**

የሕብረተሰብ ተጠቃሚነት፣ ህጋዊነት እና የማዕድን ልማት ስራዎች ቀጣይነትን ለማረጋገጥ እና ለማፋጠን ባለስልጣኑ በምርምር ላይ በመመስረት አሰራር አዘጋጅቶና በቦርዱ አስፀድቆ ስራ ላይ እንዲዉል ሊያደርግ ይችላል፡፡ አፈፃፀሙ በቦርዱ በሚያወጣዉ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**ክፍል ሰባት**
**ስለ ካሳ፣ የአከባቢ ጥበቃ እና የማህበረሰብ ልማት**

**50. የካሳ ክፍያ**

1) የመሬት ባለይዞታ በማዕድን ልማት ምክንያት መሬቱን የሚለቅ ከሆነ፣ በማዕድን ልማት ስራ ዉስጥ ድርሻ ሊኖረዉ ይችላል፡፡
2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሰረት ሊጠቀም የሚችለዉ፦
(ሀ) ባለ ይዞታ መሆን አለበት፤
(ለ) በማዕድን ልማት ዉስጥ ለመሳተፍ ፍላጎት ያለው፤
(ሐ) ከሚያገኘዉ የካሳ ገቢ ላይ ወይም ካለዉ ሌላ የፋይናንስ ምንጭ ዉስጥ መግዛት የሚችለዉን ድርሻ መጥቀስ አለበት፤
(መ) በማዕድኑ የልማት ስራ ላይ በጋራ ማልማት በህግ መሰረት ያልተከለከለ ወይም ድርሻ እንዳይኖረዉ የሚከለክል በህግ ተቀባይነት ያለዉ ምክንያት የሌለ እንደሆነ፡፡

4) Provides the necessary support to the committees established at different levels to make the work of the board effective;
5) Organize and maintain the records and documents of the board and updates their manner of maintenance;
6) Performs all tasks assigned to him by the Board.

**49. Ensuring the Benefit of the Community**

In order to ensure and accelerate the benefit of the community, the legality and continuity of the mineral production activities, the Authority may, prepare working procedures based on research and cause to be approved by the Board and cause it to be implemented. Its implementation shall be determined by the Directive to be issued by the Board.

**Part Seven**
**Compensation, Environmental Protection and Community Development**

**50. Compensation**

1) If the possessor of the land is expropriated due to mineral development, he may have a share in the mining development operation.
2) To be a beneficiary pursuant to sub-article 1 of this Article, he shall:
(a) Be holder of the land holding;
(b) Be willing to participate in mining development;
(c) Specify the amount of share he can buy from the income he derived from compensation or from his other financial source;
(d) Not be prohibited by law or if there is no legally acceptable reason prohibiting him from having shares.

3) Maatii isaa dabalatee ogummaafi dandeettii qabuun dhaabbata sana keessatti qacaramee hojjechuu mirga ni qabaata.

**51. Eegumsa Naannoo**

1) Abbaan hayyamaa Hojii Qorannoo, Hojii Oomisha Sadarkaa Xiqqaa Addaa, Sadarkaa Xiqqaa yookiin Sadarkaa Guddaa kamiyyuu iddoo hayyamaa haala gamaaggama qorannoo dhiibbaa naannoo mirkanaa'een barri hayyamaa osoo hin xumuramin dura yookiin hayyamni addaan cituun dura laficha haala duraan jirutti deebisee sirreessuu yookiin gara fuuladuraatti faayidaa biraaf akka ooluu danda'utti laficha sirreessuuf dirqama qaba.
2) Abbaan hayyamichaa gochi yookiin haalli tasaa uumama naannawaa irratti miidhaa yoo geessise Battalumatti Abbaa Taayitichaafi qaama dhimmi ilaallatu kan biroof gabaasuu qaba.
3) Abbaan hayyama mala aadaa boolla hojiif qote duuchuu, mukkeen mure bakka buusuun dhaabuufi seerota eegumsa naannoo rogummaa qabaniin kan tumame raawwachuuf dirqama qaba.

**52. Fayyummaafi Nageenya**

1) Abbaan hayyamaa kamiyyuu amalaafi sadarkaa hojii oomishaa albuudaa wajjiin kan walgitu tajaajila yaalumsaa hojjettootaaf dhiyeessuu qaba.
2) Abbaan hayyamaa kamiyyuu keemikaalonniifi dhukaatota hojiif barbaachiisan haala balaa hin dhaqqabsiisneen akka geejjibsiifaman, kuusamaniifi tajaajila irra oolaniif ofeeggannoodhaan bu'uura dhimmichaaf rogummaa qabuutiin raawwachuu qaba.

3) ቤተሰቡን ጨምሮ ባለዉ ሙያና ችሎታ በድርጅቱ ዉስጥ ተቀጥሮ መስራት መብት ይሮረዋል።

**51. የአካባቢ ጥበቃ**

1) ማንኛውም የምርምራ ሥራ፤ የልዩ አነስተኛ፤ የአነስተኛ ወይም የከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ሥራ ባለፍቃድ በፊቃዱ በያዘዉ ክልል በፀደቀዉ የአካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ ጥናት መሠረት የፊቃድ ዘመኑ ከመጠናቀቁ ወይም ፊቃዱ ከመቋረጡ በፊት መሬቱን ወደ ነበረበት ሁኔታ የመመለስ ወይም ለወደፊት ለሌላ ጠቀሜታ ሊውል በሚችልበት ሁኔታ የማስተካከል ግዴታ አለበት።
2) ባለፍቃዱ ድንገተኛ ድርጊት ወይም ሁኔታ በአካባቢያዊ ተፈጥሮ ላይ ጉዳት ካደረሰ ወዲያዉኑ ለባለሥልጣኑ እና ለሌላ ለሚመለከተዉ አካል ሪፖርት ማድረግ አለበት።
3) የባህላዊ ማዕድን ማምረት ዘዴ ባለፍቃድ ለሥራ የቆፈረዉን ጉድጓድ የመድፈን፤የቆረጠውን እንጨቶች ለመተካት የመትከልና አግባብነት ባላቸዉ የአካባቢ ጥበቃ ህጎች የተደነገገዉን የመፈፀም ግዴታ አለበት።

**52. ስለጤንነትና ደህንነት**

1) ማንኛውም ባለፍቃድ ከማዕድን ማምረት ሥራ ባህሪና ደረጃ ጋር ተመጣጣኝ የሆነ የሕክምና አገልግሎት ለሠራተኞች ማቅረብ አለበት።
2) ማንኛውም ባለፈቃድ ለሥራዉ የሚያስፈልጉ ኬሚካሎችና ተተኳሾች አደጋ በማያደርሱና አግባብ ባላቸዉ የሕግ ድንጋጌዎች መሠረት ጥንቃቄ በተሞላበት አኳኋን እንዲጓጓዙ፤ እንዲከማቹና ጥቅም ላይ እንዲዉሉ ለማድረግ የሚያስፈልጉ ሥርዓቶችን መከተል አለበት።

3) He shall be entitled with the right to be employed in such organization, including his family according to his profession and ability.

**51. Environmental Protection**

1) Any holder of mineral exploration, the special small, small or large-scale mineral production license, in accordance with the approved report of environmental impact assessment, prior to termination or end of the license period shall progressively restore or reclaim the licensed land so that the area becomes completely restored or reclaimed to the extent that it can be used for other purposes in the future.
2) The Licensee shall immediately notify the Authority and other concerned body if any act or occurrence created accidentally and caused damage on the environment.
3) The holder of an artisanal method mining license shall fill pits he drugs, plant seedlings instead of trees he cut and observe other obligations stipulated under proper environmental laws.

**52. Health and Safety**

1) Any licensee shall provide to his employees' appropriate health and medical facilities equivalent with the nature and level of mining operations.
2) Any licensee shall transport, store and use chemicals and explosives necessary for work in a manner it cannot cause accident and perform cautiously as appropriate for the issue;

3) Abbaan hayyamaa balaan yookiin miidhaan qaamaa yookiin qabeenyaa yoo muudate Abbaa Taayitichaatiif yeroma sana gabaasuu qaba; Dhiibbaa itti aanee dhufu hir'isuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo fudhachuu qaba.
4) Abbaan hayyamaa kamiyyuu bakka bu'oota yookiin hojjettoota isaa irratti haalawwan balaa, dhibee fiduu danda'an adda baasuu, hojii ittisaa hojjechuu, tooftaawwan barbaachiisaniifi meeshaa balaa ittisan akkasumas fayyaafi nageenyaaf kan oolan dhiyeessuuf ni dirqama. Akkasumas leenjiwwan dhimma kana ilaallatan kennuu yookiin gahumsa argachuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

## 53. Fandii Deebisanii Misoomsuu

1) Abbaan hayyama qorannoo yookiin hayyama oomisha albuudaa sadarkaa xiqqaa addaa yookiin sadarkaa xiqqaa yookiin sadarkaa guddaa Fandii Deebisanii Misoomsuu ji'a jalqaba waggaatti herreega baankii cufaatti galii gochuu qaba.
2) Fandiin deebisanii misoomsuu dokumantii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yookiin karoora bulchiinsa dhiibbaa naannoo keessa baajata taa'een kan walgitu ta'uu qaba.
3) Baajanni deebisanii misoomsuu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin dhiyaatu mirkanaa'uu kan danda'u qajeeltoo ulaagaa ka'umsaa deebisanii misoomsuuf barbaachisu yoo guute qofa ta'a.
4) Abbaan hayyamaa haala sadarkaa isaa eeggateen iddoo hojii oomisha albuuda kana yoo cuffeefi kunis Abbaa Taayitichaan yoo mirkanaa'e maallaqa kuuse irraa kan hafu yoo jiraate akka deebi'uuf ni ta'a.

3) ባለፈቃዱ አደጋ ወይም የአካል ወይም የንብረት ጉዳት ካጋጠመ ወዲያውኑ ለባለሥልጣኑ ሪፖርት ማድረግ አለበት፤ ቀጥሎ የሚመጣዉን ተጽዕኖ ለመቀነስ አስፈላጊ እርምጃዎችን መውሰድ ይኖርበታል፡፡
4) ማንኛውም ባለፈቃድ ወኪሎቹ ወይም ሠራተኞቹ ላይ አደጋ ሊያስከትሉና በሽታ ሊያመጡ የሚችሉ ሁኔታዎችን መለየት፣ የመከላከል ሥራ መሥራት፣ አስፈላጊ ዘዴዎችና አደጋን የሚከላከሉ እንዲሁም ለጤንነትና ደህንነት የሚዉሉ ቁሳቁሶችን ለማቅረብ ግዴታ አለበት፤ እንዲሁም ይህንን ጉዳይ የሚመለከቱ ሥልጠናዎችን መስጠት ወይም ብቁ ሆነው መገኘታቸውን ማረጋገጥ አለበት፡፡

## 53. የመልሶ ማልማት ፈንድ

1) የምርመራ ወይም ልዩ የአነስተኛ፣ የአነስተኛ ወይም የከፍተኛ ደረጃ ማዕድን ማምረት ስራ ባለፈቃድ ከአካባቢ ተፅዕኖ ግምገማ በጀት ጋር ተመጣጣኝ የሆነ ፈንድ ፍቃድ ሰጪው ባለሥልጣን በቀጥታ መቆጣጠር በሚችልበት አካኋን በዓመቱ የመጀመሪያ ወር ውስጥ በዝግ የባንክ ሂሳብ የሚያስቀምጥ ይሆናል፡፡
2) የመልሶ ማልማት ፈንድ በአካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ ጥናት ሰነድ ወይም ከአካባቢ ተጽዕኖ አስተዳደር እቅድ ውስጥ ከተቀመጠዉ በጀት ጋር የሚመጣጠን መሆን አለበት፡፡
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 መሠረት የሚቀርብ የመልሶ ማልማት በጀት መፅደቅ የሚችለዉ ለመልሶ ማልማት የሚያስፈልግ መነሻ መስፈርት መርሆን ከሟላ ብቻ ይሆናል፡፡
4) ባለፈቃዱ ደረጃዉን በጠበቀ መልኩ የማዕድን ሥራ ቦታን ከዘጋና ይህም በባለስልጣኑ ከተረጋገጠ ካስቀመጠዉ ገንዘብ የሚተርፈዉ ካለ እንዲመለስለት ይሆናል፡፡

3) The licensee shall immediately report to the Authority if any accident, physical injury or property damage faced and shall immediately take measures necessary to mitigate the subsequent impact of such situation.
4) Any licensee has a duty to identify any possible causes of accident and diseases against his agents and employees, undertake preventive measures, provide necessary techniques and protective equipment for health and safety and shall ensure that the employees are properly trained and efficient on the issues relating to the work.

## 53. Restoration Fund

1) The licensee of exploration license, special small-scale, small scale or large-scale mining license shall deposit the restoration fund in the closed bank account at the first month of the year.
2) The restoration fund shall be equivalent with the budget specified in the environmental impact assessment document or environmental impact administration plan.
3) The restoration fund provided pursuant to sub-article 2 of this Article shall be approved only if it fulfills the principle of initial restoration criteria.
4) When the licensee closes the mining operation area in a standard manner and the Authority approves same, the reserve fund found in excess, if any, shall be released for the licensee.

5) Kaffaltiin Fandii kan shallagamu baasii Fandii Deebisanii Misoomsuuf dhiyaatee mirkanaa'e yeroo turtii waliigaltee keessatti ibsameen walqixa qooduun ta'a.
6) Hojii oomisha albuudaa osoo barri hayyamichaa hin xumuramiin kan cufamu yoo ta'e, Fandiin herreega baankii cufaa keessa jiru kan shallagamu akkaataa karoora hojii oomisha waliin madaalamuun ta'uu qaba.
7) Maallaqa Fandii Deebisanii Misoomsuuti galii ta'e, Abbaa hayyamaaf kan gadi lakkifamu akkaataa sagantaa deebisanii misoomsuutiin dirqama isaa bahuun yoo mirkanaa'e qofadha.
8) Abbaan hayyamaa Abbaa Taayitichaa hayyamsiisuun, yeroo hojiin oomisha albuudaa cufamu, bu'uura sagantaa deebisanii misoomsuu mirkanaa'een maallaqa Fandicha keessatti kuufame baasuun naannawa miidhame deebisee misoomsuuf fayyadamuu ni danda'a.
9) Maallaqni Fandiin keessatti kuufame naannawa miidhame deebisee misoomsuuf gahaa kan hin taane yoo ta'e, abbaan hayyamaa maallaqa dabalataa ramaduudhaan misoomsuu qaba.
10) Raawwiin Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 54. Misooma Hawaasaa

1) Abbaan hayyamaa hayyama sadarkaa guddaa yookiin sadarkaa xiqqaa yookiin sadarkaa xiqqaa addaa qabu Abbaan Taayitichaa hayyama kennu kallattiidhaan to'achuu kan danda'uufi herreega baankii cufaa karaa isaa banamutti galii gochuu qaba.
2) Yeroo jalqabbii yookiin qophii oomisha albuudaa:
(a) Baajata hojii adeemsistuu oomisha albuuda industirii yookiin ijaarsaa jalqabuuf ramade keessaa % 1 (tokko);

5) የፈንድ ክፍያው የሚሰላው ለመልሶ ማልማት ፈንድ ወጪ ቀርቦ የፀደቀዉን በስምምነቱ ዉስጥ በተገለፀዉ የቆይታ ጊዜ እኩል በመክፈል ይሆናል።
6) የማዕድን ሥራው የፈቃድ ዘመኑ ሳይጠናቀቅ የሚዘጋ ከሆነ በዝግ የባንክ ሂሳብ ውስጥ ያለው ፈንድ የሚሰላው ከምርት ሥራ ዕቅዱ ጋር በተመጣጠነ ሁኔታ መሆን አለበት።
7) ለመልሶ ማልማት ገቢ የሆነ ገንዘብ ለባለፈቃዱ የሚለቀቀው በመልሶ ማልማት መርሃ ግብር መሠረት ግዴታውን መወጣቱ ሲረጋገጥ ብቻ ይሆናል።
8) የማዕድን ማምረት ሥራ ጊዜው ሲዘጋ ባለፍቃዱ ባለስልጣኑን በማስፈቀድ በፀደቀው የመልሶ ማልማት መርሀ-ግብር መሠረት በፈንዱ ውስጥ የተከማቸውን ገንዘብ በማዉጣት የተጎዳዉን አካባቢ መልሶ ለማልማት መጠቀም ይችላል።
9) ገንዘቡ የተከማቸበት ፈንድ የተጎዳውን አካባቢ መልሶ ለማልማት በቂ ካልሆነ ባለፍቃዱ ተጨማሪ ገንዘብ በመመደብ ማልማት አለበት።
10) የዚህ አንቀጽ አፈፃፀም በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

## 54. የማህበረሰብ ልማት

1) የከፍተኛ ወይም ዝቅተኛ ወይም ልዩ ዝቅተኛ ደረጃ ፈቃድ ያለውን ባለፈቃድ ባለሥልጣኑ የሚሰጠውን ፍቃድ በቀጥታ መቆጣጠር የሚችለውና በእርሱ በኩል በሚከፈተው ዝግ የባንክ ሂሳብ ገቢ የሚያደርግ ይሆናል።
2) የማዕድን ማምረት መጀመሪያ ወይም ዝግጅት ጊዜ:-
(ሀ) ለኢንዱስትሪ ወይም ኮንስትራክሽን ማዕድን ሥራ ለመጀመር ከተመደበዉ የሥራ ማስከጃ በጀት ውስጥ 1% (አንድ)

5) The fund payment shall be computed by dividing the approved amount of restoration fund for the agreed license period specified in the agreement.
6) If the closure of mining operation takes place earlier than the license period, the fund in the closed bank account shall be computed in a manner evaluated with production plan.
7) The fund deposited for restoration shall be released for the licensee only if it is proved that the licensee has fulfilled his obligation on the basis of the approved restoration program.
8) Up on closure of the mining operation, the licensee with the prior permission of the Authority can utilize the money deposited in the fund to rehabilitate the degraded environment in accordance with the ratified environmental restoration program
9) When the money deposited in the fund became insufficient to rehabilitate the degraded environment, the licensee shall allocate additional fund and perform the restoration.
10) The implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

## 54. Community Development

1) The licensee of large or small or special small-scale license shall deposit the fund on the closed bank account opened by him that the licensing Authority can control it directly.
2) At the commencement or preparation period of mining operations:
(a) 1% (one percent) of the operating budget allocated to start industrial or construction mining;

(b) Baajata hojii adeemsistuu oomisha albuuda kabajamoo yookiin gam-tokkee kabajamoo jalqabuuf ramade keessaa % 0.2 (duwwaa tuqaa lama);
(c) Baajata hojii adeemsistuu oomisha albuuda dhakaa kasalaa jalqabuuf ramade keessaa % 0.7 (duwwaa tuqaa torba);
(d) Yeroo oomishni albuudaa itti gaggeeffamutti bu'aa qulqulluu argamu yookiin baasii hojii adeemsistuu bara baraan ramadamu irraa % 2 (lama) ta'ee lamaan keessa kan caalmaa qabu fudhatamee misooma hawaasaaf ramaduu qaba.

3) Fandiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tarreeffameen argamu hojiirra kan oolu fedhii misooma hawaasa naannichaa irratti kan hundaa'uufi kallattiifi sadarkaa misoomaa naannichaa kan eeggate ta'uu Abbaan Taayitichaa yoo mirkaneesse hawaasaafi bulchiinsa aanaa hayyamni itti kennameen kan raawwatamu ta'a.
4) Gabaasni raawwii ittifayyadama Fandii kanaa yeroo yeroodhaan Abbaa Taayitichaaf dhiyaatee Abbaan hayyamaa garagalchaan beekuu qaba.
5) Raawwiin Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Saddeet
## Waa'ee Kaffaltiiwwaan Adda Addaafi Ittifayyadama Nagahee

### 55. Kaffaltii Rooyaalitii

1) Kaffaltiin rooyaalitii oomishni albuudaa bakka oomishametti gatii inni itti gurgurame dhibbeentaan irraa herreegamee akkaataa armaan gadiitiin kaffalmuu qaba:
(a) Albuuda kabajamoo ……. % 7;
(b) Albuuda gam-tokkee kabajamoo ………......................…....... % 6;

(ለ) ለከበሩ ወይም በከፊል ለከበሩ ማዕድናት ሥራ ለመጀመር ከተመደበዉ የሥራ ማስኬጃ በጀት ዉስጥ 0.2% (ሁለት)፣
(ሐ) ለድንጋይ ከሰል ማዕድን ሥራ ለመጀመር ከተመደበዉ የሥራ ማስኬጃ በጀት ውስጥ 0.7% (ዜሮ ነጥብ ሰባት) ፣
(መ) የማዕድን ሥራ በሚከናወንበት ከተጣራ ትርፍ ወይም በየዓመቱ ከሚመደበዉ የስራ ማስኬጃ ወጪ ውስጥ 2% (ሁለት) ሆኖ ከሁለቱም ዉስጥ አብላጫ ያለዉ ተወስዶ ለማህበረሰብ ልማት የሚመደብ ይሆናል፡፡

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አነቀጽ 1 ስር በተዘረዘረው መሠረት የሚገኘው ፈንድ ሥራ ላይ የሚውለው በአካባቢዉ ማህበረሰብ የልማት ፍላጎት ላይ የሚመሠረትና ፈንዱ የአካባቢውን የልማት አቅጣጫና ደረጃ የጠበቀ መሆኑን በባለሥልጣኑ ከተረጋገጠ ፍቃድ በተሰጠበት ወረዳ ማህበረሰብና አስተዳደር የሚፈፀም ይሆናል፡፡
4) የዚህ ፈንድ አጠቃቀም ተፈፃሚነት ሪፖርት በየጊዜዉ ለባለሥልጣኑ ቀርቦ ባለፍቃዱ በግልባጭ እንድያዉቅ ይደረጋል፡፡
5) የዚህ አንቀጽ አፈፃፀም በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## ክፍል ስምንት
## የተለያዩ ክፍያዎችና የደረሰኝ አጠቃቀም

### 55. የሮያሊቲ ክፍያ

1) ለማዕድን ማምረት ሥራ የሮያሊቲ ክፍያ ማዕድኑ በተመረተበት ሥፍራ የሚሸጥበት ዋጋ ላይ በመቶኛ ተሰልቶ እንደሚከተለው መከፈል አለበት፡-
(ሀ) የከበረ ማዕድን---------------------------7%፤
(ለ) ከፊል የተከበረ ማዕድን-----------------6%፣

(b) 0.2% (zero point two) of the operating budget allocated to start precious or semi-precious minerals;
(c) 0.7% (zero point seven) of the operating budget allocated for starting coal mining operations;
(d) 2% (two) of the net profit of the mining operation or of the operating expenses allocated annually, the greater one, shall be allocated for community development.

3) The fund obtained in the manner listed under sub-article 1 of this Article shall be spent on the development needs of the community in the area and if the Authority confirms that the fund is in line with the development direction and level of the area, it shall be implemented by the community and administration of the district where the license was issued.
4) A report on the implementation of the use of this fund shall be submitted to the Authority from time to time and its copy shall also be made available to the licensee.
5) The implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

## Part Eight
## Various Payments and Utilization of Receipt

### 55. Royalty Payment

1) The royalty fee paid for mineral production shall be calculated in percentage from the sale price of the mineral at the place where it is produced as follows:
(a) Precious Mineral-----------7%;
(b) Semi-Precious Mineral-------- 6%;

(c) Albuuda sibiilotaa ........... % 5;
(d) Albuuda industirii ........... % 4;
(e) Albuuda ijaarsaa ............ % 3;
(f) Albuuda ashaboo ......... % 4.

2) Kaffaltiin rooyaalitii kurmaana kurmaanaan raawwatamuu qaba.

56. **Kaffaltii Galii Gibiraa**
Abbaan hayyama oomisha albuudaa sadarkaa guddaa, xiqqaafi xiqqaa addaa akkaataa Labsicha Keewwata 59 tiin galii gibiraa jalqaba bara baajataa kaffaluun, ragaa qulqullinaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Oromiyaa irraa dhiyeessuu qaba.

57. **Kaffaltii Tajaajila Hayyamaa**
Namni kamiyyuu hayyama argachuuf kaffaltii tajaajilaa armaan gadii kaffaluu qaba:

1) Hayyama qorannoo argachuuf ---------------- qarshii 4,837.00;
2) Hayyama qabatanii turuuf ------------------- qarshii 9,801.00;
3) Hayyama Oomisha Aadaa argachuuf --------------- qarshii 300.00;
4) Hayyama Oomishaa sadarkaa xiqqaa addaaf ------------ qarshii 2,000.00;
5) Hayyama Oomishaa industiriifi ijaarsaa sadarkaa xiqqaaf---------- qarshii 4,207.00;
6) Hayyama Oomishaa ijaarsaa sadarkaa guddaaf -------------------------------- qarshii 5,132.00;
7) Kaffaltii kaartaa iddoo oomishaa hayyama sadarkaa guddaa agarsiisuuf - qar. 3,000.00;
8) Kaffaltii kaartaa iddoo oomishaa hayyama sadarkaa xiqqaafi xiqqaa addaa agarsiisuuf ------------------------ qarshii 2,000.00;
9) Kaffaltii kaartaa iddoo oomishaa hayyama oomisha aadaa agarsiisuuf ----------- qarshii 500.00.

(ሐ) የብረት ማዕድን-----------------------5%፤
(መ) የኢንዱስትሪ ማዕድን---------------4%፤
(ሠ) የግንባታ ማዕድን---------------------3%፤
(ረ) ጨዋማ ማዕድን--------------------4%፡፡

2) የሮያሊቲ ክፍያ በየሩብ አመቱ መፈፀም አለበት፡፡

56. **የገቢ ግብር ክፍያ**
የከፍተኛ፣የአነስተኛና ልዩ የአነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ባለፈቃድ አዋጁ አንቀጽ 59 መሠረት በበጀት አመቱ መጀመሪያ ላይ የገቢ ግብር በመክፈል ለኦሮሚያ ገቢዎች ባለስልጣን ክሊራንስ ማቅረብ አለበት፡፡

57. **የፈቃድ አገልግሎት ክፍያ**
ማንኛውም ሰው የማዕድን ሥራ ፈቃድ ለማግኘት የሚከተለውን የአገልግሎት ክፍያ መክፈል አለበት፡-

1) የምርመራ ሥራ ፈቃድ ለማግኘት----------------- 4837.00 ብር፤
2) ይዞ ለመቆየት ፈቃድ----------- 9801.00 ብር፤
3) ባሕላዊ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ለማግኘት---------------------300.00 ብር፤
4) ለልዩ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ፈቃድ------------------ 2000.00 ብር፤
5) ለአነስተኛ ደረጃ የኢንዱስትሪና ግንባታ ማዕድን ማምረት ፈቃድ---------4207.00 ብር፤
6) ለከፍተኛ ደረጃ የግንባታ ማዕድን ማምረት ፈቃድ-------5132.00 ብር፤
7) የከፍተኛ ደረጃ ፈቃድ ለማመልከት የሚከፈል የማዕድን ማምረቻ ቦታ ካርታ ክፍያ--------------------- 3000.00 ብር፤
8) የዝቅጠኛና ልዩ የዝቅተኛ ደረጃ ፈቃድ ለማመልከት የሚከፈል የማዕድን ማምረቻ ቦታ ካርታ ክፍያ--------- 2000.00 ብር፤
9) የባሕላዊ ዘዴ ፈቃድ ለማመልከት የሚከፈል የማዕድን ማምረቻ ቦታ ካርታ ክፍያ-------------------- 500.00 ብር፡፡

(c) Metallic Mineral---------- 5%;
(d) Industrial Mineral---------- 4%;
(e) Construction Mineral-------- 3%;
(f) Salty Mineral--------------- 4%.

2) Payment of royalty shall be performed on quarterly basis.

56. **Payment of Income Tax**
The licensee of large scale, small and special small-scale mining license shall present the clearance from Oromia Revenue Authority after paying the income tax at the beginning of the budget year in accordance with Article 59 of the Proclamation.

57. **Service Fee of License**
Any person shall pay the following service fees to acquire license:

1) For acquiring Exploration license------------ 4,837.00 birr;
2) For Retention license---------- 9,801.00 birr;
3) For acquiring Artisanal mining license------------ 300.00 birr;
4) For Special small-scale level mining license------------ 2,000.00 birr;
5) For Small-scale level industrial and construction mining license------------ 4,207.00 birr;
6) For Large scale level construction mining license--------- 5,132.00 birr;
7) Payment for map indicating site of Large scale mining license----------- 3,000.00 birr;
8) Payment for map indicating site of Small and special Small-scale mining license ------------------------------------ 2,000.00 birr;
9) Payment for map indicating site of Artisanal mining license--------------- 500.00 birr.

**58. Kaffaltii Haaromsa Hayyamaa**

Namni hayyama hojiiwwan albuudaa haaromsuuf barbaadu kamiyyuu kaffaltii tajaajilaa armaan gadii kaffaluu qaba:

1) Hayyama Qorannoo haaromsuuf ------------ qarshii 3,058.00;
2) Hayyama Qabatanii turuu --------------------- qarshii 10,191.00;
3) Hayyama Oomisha sadarkaa xiqqaa albuuda industiriifi ijaarsaa ----- qarshii 2,869.00;
4) Hayyama Oomisha sadarkaa guddaa albuuda ijaarsaa --------------- qarshii 4,078.00;
5) Hayyama Oomisha sadarkaa xiqqaa addaa --------------------------- qarshii 1,500.00.

**59. Kaffaltiiwwan Tajaajilaa Biroo**

1) Kaffaltiiwwan tajaajilaa Abbaan Taayitichaatiin murtaa'an kanneen armaan gadii ta'a:
(a) Iyyata Hayyama hojii albuudaa argachuuf ------- qarshii 401.00;
(b) Iyyannoo Mirga hayyamaa dabarsuuf ------------------------------ qarshii 864.00;
(c) Iyyannoo Mirkaneessa tajaajila gahumsa gorsaa kennuuf ---------------------- qarshii 100.00;
(d) Ragaa tajaajila mirkaneessa teknikaa argachuuf ------------------------------- qarshii 1,000.00;
(e) Ragaa waraqaa argannoo argachuuf fuula tokkotti ------------------------------- qarshii 200.00;
(f) Sanada hayyama dabalataa argachuuf fuula tokkotti --------------------------------- qarshii 20.00;
(g) Iyyata waraqaa ragaa argannoo argachuuf --------- qarshii 10.00;
(h) Sanada galmeessisuuf ------------------------------ qarshii 50.00;
(i) Sanada bakka jalaa bade ykn tajaajila hin kennine argachuuf fuula 1 tti ------------ qar 30.00.

**58. የፈቃድ እድሳት ክፍያ**

ማንኛውም የማዕድን ስራዎች ፈቃድን ለማደስ የሚፈልግ ሰው የሚከተሉትን የአገልግሎት ክፍያዎች መክፈል አለበት፡-

1) የምርመራ ፈቃድ ለማሣደስ------------- 3,058.00 ብር፤
2) ይዞ መቆየት ፈቃድ ለማሣደስ-----------------10,191.00 ብር፤
3) ለአነስተኛ ደረጃ የግንባታና ኢንዱስትሪ ማዕድን ማምረት ፈቃድ------- 2,869.00 ብር፤
4) ለከፍተኛ ደረጃ የግንባታ ማዕድን ማምረት ፈቃድ------------------- 4,078.00 ብር፤
5) ለልዩ አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ፈቃድ--------------------1,500.00 ብር፡፡

**59. ሌሎች የአገልግሎት ክፍያዎች**

1) በባለሥልጣኑ የሚወሰኑ የአገልግሎት ክፍያዎች የሚከተሉት ይሆናል፡-
(ሀ) የማዕድን ሥራ ፈቃድ ለማግኘት ማመልከቻ--------------------401.00 ብር፤
(ለ) የፈቃድ መብትን ለማስተላለፍ ለሚቀርብ ማመልከቻ--------864.00 ብር፤
(ሐ) የማማከር አገልግሎት ለመስጠት የብቃት ማረጋገጫ ለማግኘት ለሚቀርብ ማመልከቻ--------------------100.00 ብር፤
(መ) የቴክኒክ አገልግሎት የብቃት ማረጋገጫ ማስረጃ ለማግኘት ለሚቀርብ ማመልከቻ------------------1000.00 ብር፤
(ሠ) የግኝት ምስክር ወረቀት ለማግኘት ለሚቀርብ ማስረጃ በአንድ ገጽ------------------------------------------ 200.00 ብር፤
(ረ) ተጨማሪ ፈቃድ ለማግኘት ለሚቀርብ ሰነድ በአንድ ገጽ-------------------20.00 ብር፤
(ሰ) የግኝት የምስክር ወረቀት ለማግኘት ለሚቀርብ ማመልከቻ---------10.00 ብር፤
(ሸ) ሰነድ ለማስመዝገብ------------ 50.00 ብር፤
(ቀ) የጠፋ ሰነደ ወይም አገልግሎት የማይሰጥ ለማግኘት በአንድ ገጽ--------30.00 ብር፡፡

**58. Payment Renewal of License**

Any person who wants to renew mining operation license shall pay the following service fees:

1) For Renewal of Exploration license-------------3,058.00 birr;
2) For Renewal of Retention license------------10,191.00 birr;
3) Renewal of Small-Scale industry and construction mining license----------2,869.00 birr;
4) Renewal of large-scale level construction mining license-------------4,078.00 birr;
5) For Renewal of special small scale mining license -------------------------------1,500.00 birr.

**59. Other Service Payments**

1) Shall be the following service fees determined by the Authority:
(a) Application to acquire Mining license--------------401.00 birr;
(b) Application for Transferring rights of license ------------------------------------864.00 birr;
(c) Application for certification of competence for consultancy service -------------100.00 birr;
(d) For acquiring certification of competency of technical service---------------1,000.00 birr;
(e) For acquiring Discovery Certificate in one page-------------------------------------200.00 birr;
(f) For acquiring additional license document in one page---------------------------------20.00 birr;
(g) Application for acquiring Certificate of discovery ----------------------------------10.00 birr;
(h) For Registration of document ----------------------50.00 birr;
(i) For acquiring replacement of lost or non-serving document in one page----------30.00 birr.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaan Taayitichaa kaffaltiiwwan tajaajilaa biroo murteessuu ni danda'a.

## 60. Hanga Kaffaltii Fooyyeessuu

Dambii kana Keewwata 55, 57, 58 fi 59 jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan Taayitichaa, Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa, Biiroo Maallaqaa, Biiroo Galiiwwanii, Komishinii Karooraafi Misoomaa Oromiyaafi akkaataa barbaachisummaa isaatti Mana Hojii Mootummaa Naannichaa dhimmi isaa ilaallatu waliin ta'uun qorannoo irratti hundaa'ee kaffaltiiwwan murtaa'an fooyyessuu ni danda'a. Raawwiin Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 61. Nagahee To'annoo Gurgurtaa Albuudaa Maxxansiisuufi Raabsuu

1) Sirna maxxansaafi raabsuu nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa:
(a) Abbaa Taayitichaa Nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa akka maxxaffamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaaluuf yookiin abbootii hayyamaatiif ni raabsa.
(b) Albuudni oomishamee gurguramu kamiyyuu nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaatiin qofa kan sossocho'u ta'uu qaba.
(c) Abbaan hayyama hojii albuudaa kamiyyuu gatii Abbaan Taayitichaa murteessuun Nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa bitachuu qaba.
2) Qabiyyee Nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa:
(a) Maqaa Abbaa hayyamaa;
(b) Gosa yookiin akaakuu albuudaa;
(c) Bakka albuudni itti oomishame;

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ ባለሥልጣኑ ሌሎች የአገልግሎት ክፊያዎችን መወሰን ይችላል፡፡

## 60. የክፍያ መጠንን ማሻሻል

በዚህ ደንብ አንቀጽ 55፣57፣58 እና 59 ስር የተደነገገዉ ቢኖርም ባለሥልጣኑ፣የክልሉ መንግስት ፕሬዚዳንት ጽህፈት ቤት፣የኦሮሚያ ጠቅላይ አቃቤ ሕግ ቢሮ፣የገንዘብ ቢሮ፣የገቢዎች ቢሮ፣የኦሮሚያ እቅድና ልማት ቢሮ እና እንደ አስፈላጊነቱ ጉዳዩ ከሚመለከተዉ ከክልሉ መንግስት መሥሪያ ቤት ጋር በመሆን በጥናት ላይ በመመስረት የተወሰኑ ክፍያዎችን ማሻሻል ይችላል፡፡ የዚህ አንቀጽ አፈፃፀም በሚወጣዉ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## 61. የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝን ማሳተምና ማሰራጨት

1) የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝን የማሳተምና ማሰራጨት ሥርዓት፡-
(ሀ) ባለሥልጣኑ የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ እንዲታተም ያደርጋል፣ ለሚመለከተዉ አካል ወይም ለባለፍቃዶች ያሰራጫል፡፡
(ለ) ማንኛውም ተመርቶ የሚሸጥ ማዕድን በማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ ብቻ የሚንቀሳቀስ ይሆናል፡፡
(ሐ) ማንኛውም የማዕድን ሥራ ባለፍቃድ ባለሥልጣኑ በሚወስነው ዋጋ የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝን መግዛት ይኖርበታል፡፡
2) የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ ይዘት፡-
(ሀ) የባለፍቃዱ ሥም፣
(ለ) የማዕድኑ አይነት፣
(ሐ) ማዕድኑ የተመረተበት ቦታ

2) Without prejudice to sub-article 1 of this Article, the Authority may determine other service charges.

## 60. Adjusting Rates of Fees

Notwithstanding to the provision under Articles 55,57,58 and 59 of this Regulation, the Authority, in collaboration with the Regional State President Office, Attorney General Bureau, Finance Bureau, Revenue Bureau, Oromia Plan and Development Commission and as necessary with the other concerned government office of the Regional State may make adjustments on the determined fees based on research. Implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

## 61. Issuing and Distributing Receipt of Mineral Sales Control

1) Printing and distributing system of mineral sales control receipt:
(a) The Authority shall cause the mineral sale control receipt to be printed; distributes same to the concerned body or to the license holders.
(b) Any mineral to be produced and sold shall be transported only by mineral sales control receipt.
(c) Any licensee of mining operation shall buy the mineral sales control receipt with the price to be determined by the Authority.
2) Contents of Mineral Sales Control Receipt:
(a) Name of the licensee;
(b) Type or kind of mineral;
(c) Production place of the mineral;

(d) Guyyaafi sa'aatii albuudni itti gurgurame kan ibsu;

(e) Baay'ina albuudaafi gatii ittin gurgurame kan ibsu;

(f) Maqaa konkolaachisaafi lakkoofsa gabatee konkolaataa.

3) Nagaheen to'annoo gurgurtaa albuudaa kooppii 2n (lamaan) hojjatamee kooppiin duraa yookiin orjinaalli abbaa oomisha albuudaa biteef kan kennamu yoo ta'u, kooppiin tokko Nagahee irratti hafee Abbaa Taayitichaa yookiin qaama dhimmi ilaaluuf gabaasni gurgurtaa albuudaa irraa herreegamee kaffaltiin barbaachisu akka raawatamu taasifamuu qaba.

## 62. Qabiinsa Nagahee To'annoo Gurgurtaa Albuudaa

1) Nagaheen to'annoo gurgurtaa albuudaa akka meeshaa dhumataatti ilaalamee mana kuusaa meeshaa keessa ta'uu qaba.

2) Abbaan hayyamaa Nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa ittiin hojjetame yammuu deebisu herreegni isaa hojjetamee kaffaltii irraa barbaadamu kaffaluun yeroo mirkanaa'u seeraan ofbiratti akka qabuufi yeroo odiitiidhaaf barbaadame haala dhiyeessuu dandeessisuun taa'uu qaba.

## 63. Gatii Albuudaa

1) Gatiin albuudaa iddoo itti oomishamutti ittiin gurguramu Nagahee to'annoo gurgurtaa albuudaa irratti guutamuu qaba.

2) Abbaan Taayitichaa yeroo yeroon qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun gatii albuudni iddoo oomishaatti itti gurguramu qoratee murteessuun qaama ilaallatu ni beeksisa.

(መ) ማዕድኑ የተሸጠበትን ቀንና ሰዓት የሚገልፅ፣

(ሠ) የማዕድኑ ብዛትና የተሸጠበትን ዋጋ የሚገልፅ፣

ረ) የአሽከርካሪው ሥምና የተሽከርካሪው የሰሌዳ ቁጥር፡፡

3) የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ በሁለት ኮፒ ተሰርቶ የመጀመሪያዉ ኮፒ ወይም ኦሪጂናሉ ማዕድኑን ለገዛዉ ሰው የሚሰጥ ሆኖ አንድ ኮፒ ደረሰኙ ላይ ቀርቶ የማዕድኑ ሽያጭ ሪፖርት ከዛ ላይ ተሰልቶ ለባለሥልጣኑ ወይም ጉዳዩ ለሚመለከተዉ አካል ክፍያ እንዲፈፀም ይደረጋል፡፡

## 62. የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ አያያዝ

1) የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ እንደ አላቂ እቃ ተቆጥሮ በዕቃ ማከማቻ ቤት ውስጥ መቀመጥ አለበት፡፡

2) ባለፍቃዱ የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ የተሰራበትን ሲመልስ ሂሳቡ ተሰርቶ የሚፈለግበትን ክፍያ መክፈሉ ሲረጋገጥ ከእራሱ ዘንድ በአግባቡ እንዲይዝና ለኦዲት በሚፈለግበት ጊዜ ማቅረብ በሚያስችል አኳኋን መሆን አለበት፡፡

## 63. የማዕድን ዋጋ

1) በተመረተበት ቦታ የሚሸጥበት የማዕድን ዋጋ የማዕድን ሽያጭ ቁጥጥር ደረሰኝ ላይ መሞላት አለበት፡፡

2) ባለሥልጣኑ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ማዕድን በተመረተበት ቦታ የሚሸጥበትን ዋጋ በየጊዜው በመመርመርና በመወሰን ለሚመለከተው አካል ያሳውቃል:

(d) Description of date and time at which the mineral is sold;

(e) Description of quantity and price of sold mineral;

(f) The name of the driver and plate number of the vehicle.

3) Mineral sales control receipt shall be prepared in two copies; and the first copy or the original shall be given to the person who bought the mineral, one copy shall be left on the receipt and then the mineral sale report shall be calculated and the necessary payment shall be performed to the Authority or the concerned body.

## 62. Maintenance of Mineral Sales Control Receipt

1) Mineral sales control receipt shall be deposited in the store being considered as consumption goods.

2) When the licensee returns the mineral sales inspection invoice, the balance shall be calculated and after paying payment required from him and up on its being confirmed, it shall be made to keep it with himself properly and in a manner able to submit it for audit easily when required.

## 63. Price of Mineral

1) The price of the mineral to be sold at its production site shall be filled on the mineral sale control receipt.

2) The Authority, in collaboration with concerned body shall periodically determine based on investigation the price of the mineral sold at the production place and notifies same to the concerned body.

**64. Mallattoo To'annoo Albuudaa**

1) To'ataan albuudaa Abbaa Tayitichaatiin ramadamu iddoo oomishaa yookiin kuusaa yookiin qorannoo yookiin albuudni fe'amee yammuu socho'u seera qabeessummaa to'achuuf aangoo ni qabaata.
2) Hojii to'annaaf akka mijaa'u waraqaan addaa eenyummaafi Mallattoo Addaa To'annoo to'ataaf ni kennama.
3) Mallaattoo Addaa To'annoo albuudaa ulaagaa armaan gadii ni qabaata:
(a) Marsaa mukarraa hojjetame;
(b) Raadiyeesiin isaa seentii meetira 5 (shan);
(c) Qabannaan harkaa magariisa ta'ee halluu gurraacha keessatti akaafaafi gasoo walqaxxaamuree kan halluu keellootti sararame ni jira.
(d) Barreeffamni to'annoo albuudaa yookiin "T. albuudaa" jedhu isa adii keessatti ni barreeffama.

## Kutaa Sagal
## Balleessaafi Adabbii Bulchiinsaa

**65. Balleessaa Sadarkaa Tokkoffaa**

Adabbiin Labsicha Keewwata 76 (1)(d) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaan hayyamaa daangaa isaaf hayyamameen ala darbee albuuda yoo oomishe, hangi albuuda daangaan ala oomishamee ogeessaan tilmaamee gatii isaa mootummaaf akka kaffalu ni taasifama.

**66. Balleessaa Sadarkaa Lammaffaa**

1) Abbaan hayyamaa galmeewwaniifi riikoordiiwwan yookiin ragaalee biroo yoo hin qabaanne yeroo duraatiif akka qabaachuu qabu ofeeggannoon barreeffaman ni kennamaaf.

**64. የማዕድን ቁጥጥር ምልክት**

1) በባለሥልጣኑ የሚመደብ የማዕድን ተቆጣጣሪ ማዕድን ማምረቻ ውይም ማከማቻ ውይም ምርመራ ቦታን ወይም ማዕድን ተጭኖ ሲንቀሳቀስ ህጋዊነቱን የመቆጣጠር ስልጣን ይኖረዋል፡፡
2) ለቁጥጥር ሥራ እንዲያመችም ለተቆጣጣሪው ልዩ መታወቂያ ወረቀትና ልዩ ምልክት ይሰጠዋል፡፡
3) የማዕድን ቁጥጥር ልዩ ምልክት የሚከተለው መስፈርት ይኖረዋል፡-
(ሀ) ከእንጨት የተሰራ ክብ፣
(ለ) ራድዬሱ 5 (አምስት) ሴንቲ ሜትር፣
(ሐ) የእጅ መያዣው አረንጓዴ ሆኖ በጥቁር ቀለም ውስጥ አካፋና መጥረቢያ መስቀለኛ በመስራት ወደ ቢጫ ቀለም የተሰመረ ይኖራል፡፡
(መ) የማዕድን ቁጥጥር ወይም "ቶ-ማዕድን" የሚል ፅሁፍ በነጩ መደብ ውስጥ ይፃፋል፡፡

## ክፍል ዘጠኝ
## ጥፋትና አስተዳደራዊ ቅጣት

**65. አንደኛ ደረጃ ጥፋት**

በዚህ አዋጁ አንቀጽ 76 (1) (መ) ሥር የተደነገገው ቅጣት እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ባለፈቃዱ ከተፈቀደለት ክልል ወሰን ውጭ በማለፍ ማዕድን ካመረተ ከወሰኑ ውጪ የተመረተው የማዕድን መጠን በባለሙያ ተገምቶ ዋጋውን ለመንግስት እንዲከፍል ይደረጋል፡፡

**66. ሁለተኛ ደረጃ ጥፋት**

1) ባለፈቃዱ መዛግብቶችንና ሪከርዶችን ወይም ሌሎች ማስረጃዎች ከሌለው ሊኖረዉ እንደሚገባ ለመጀመሪያ ጊዜ በፅሁፍ ማስጠንቀቂያ ይሰጠዋል፡፡

**64. Mineral Control Sign**

1) The mineral inspector assigned by the Authority shall have the responsibility to control the legality of production or storage or exploration place of the mineral or the movement of the loaded mineral.
2) The inspector shall be given a special identification card and a special inspection sign to facilitate the inspection work.
3) Mineral special control sign shall have the following criteria:
(a) A circular article made of wood;
(b) Its radius is 5 (five) centimeters;
(c) Its handle shall be green; and within the black color, there exist shovel and axe crossing each other lined rolled with yellow color;
(d) Inscription saying Mineral Control or "T. Mineral" shall be written within the white one.

## Part Nine
## Offences and Administrative Penalties

**65. First Level Offences**

Without prejudice to the penalty provided under Article 76(1) (d) of the Proclamation, the licensee who produces mineral outside the boundary of the area permitted to him shall pay to the government the amount of the mineral produced outside of the permitted area to be calculated by the expert.

**66. Second Level Offences**

1) If the licensee fails to maintain books and records or other documents, he shall be provided a written reprimand for the first time to have same.

2) Abbaan hayyamaa yaada sirreeffamaa To'ataa albuudaatiin barreeffamaan galmee abbaa hayyamichaa bakka hojii jiru irratti kennameef yoo hin sirreessine qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni adabama.
3) Abbaan hayyamaa Fandii dhiibbaa Naannoofi misooma hawaasaaf irraa barbaadamu yeroodhaan yoo raawwachuu baate kan kaffaluu qabu irratti % 50 (shantama) itti dabalamee ji'a tokko keessatti akka kaffalu ni taasifama.

## 67. Balleessaa Sadarkaa Sadaffaa

1) Abbaan hayyamaa To'ataa hojiiwwan albuudaa yookiin hojjetaa Abbaan Taayitichaatiin aangoon kennameef iddoo hayyama isaa seenee akka hin to'anne yoo dhorke, qarshii 20,000.00 (kuma digdama) ni adabama.
2) Galmeewwan, riiokordiiwwan yookiin sanadoota biroo yookiin meeshaalee akka hin to'anne yoo godhe, qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni adabama.
3) Abbaan hayyamaa balleessaa isaa yoo foyyeessuu baate hanga balleessaan kun sirraa'utti Abbaan Taayitichaa hayyama kennu hayyamicha ni uggura.
4) Abbaan hayyamaa kaffaltii irraa barbaadamu osoo hin kaffaliin ji'a 1 (tokko) yoo ture kaffaltii sana irratti % 2 (lama) itti dabalamee kan kaffalu ta'a.
5) Abbaan hayyamaa kaffaltii bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti tumame kan hin raawwanne yoo ta'e ji'a ji'aan kaffaltii irraa barbaadamu irratti % 2 (lama) dabaluun hanga ji'a 6 tti (jahaatti) akka kaffalu erga taasifameen booda bu'uura seera rogummaa qabuun tarkaanfiin ni fudhatama.

2) ባለፈቃዱ በማዕድን ተቆጣጣሪ ሥራ ቦታ ባለዉ በባለፈቃዱ መዝገብ ላይ በፅሁፍ የተሰጠዉን የማሻሻያ ሀሳብ ካላስተካከለ ብር 10,000.00 (አስር ሺህ) ይቀጣል፡፡
3) ባለፍቃዱ ለአካባቢ ተፅዕኖና ማህበረሰብ ልማት ከርሱ የሚፈለገዉን ፈንድ በጊዜዉ ካልፈፀመ መክፈል ካለበት ላይ %50 (ሀምሳ ፐርሰንት) ተጨምሮበት በአንድ ወር ዉስጥ እንዲከፍል ይደረጋል፡፡

## 67. ሶስተኛ ደረጃ ጥፋት

1) ባለፍቃዱ የማዕድን ሥራዎች ተቆጣጣሪ ወይም በባለሥልጣኑ ሥልጣን የተሰጠዉ ሠራተኛ በፈቃዱ ቦታ ገብቶ ቁጥጥር እንዳያደርግ ከከለከለ ብር 20,000 (ሀያ ሺህ) ይቀጣል፡፡
2) መዝገቦችን፤ሪከርዶችን ወይም፤ሌሎች ሰነዶችን ወይም ቁሳቁሶችን እንዳይቆጣጠር ካደረገ ብር 10,000 (አስር ሺህ) ይቀጣል፡፡
3) ባለ ፍቃዱ ጥፋቱን ካላሻሻለ ጥፋቱ እስከሚሻሻል ድረስ ፍቃድ ሰጪው ባለሥልጣን ፍቃዱን ያግዳል፡፡
4) ባለ ፈቃዱ የሚፈለግበትን ክፍያ ሳይከፍል 1 (አንድ) ወር ከቆየ በዚያ ክፍያ ላይ 2% (ሁለት) ተጨምሮበት የሚከፍል ይሆናል፡፡
5) ባለ ፈቃዱ በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 4 መሠረት የተደነገገዉን ክፍያ የማይፈፅም ከሆነ በሚፈለግበት ክፍያ ላይ በየወሩ 2% (ሁለት) በመጨመር እስከ 6 (ስድስት) ወር ድረስ እንዲከፍል ከተደረገ በኋላ አግባብ ባለዉ ሕግ መሠረት እርምጃ የሚወሰድበት ይሆናል፡፡

2) The licensee who fails to take corrective measure given to him in written form on the book found at the operation place shall be punishable with a fine of 10,000.00 (ten thousand) birr.
3) The licensee who fails to perform his duty of performing environmental impact and community development fund timely shall be made to pay additional 50% on the payment required from him within one month.

## 67. Third Level Offences

1) If the licensee denies a duly authorized inspector or employee of the Authority access into the license area for inspection or controlling shall be punishable with a fine of 20,000.00 (twenty thousand) birr.
2) If the licensee fails to permit controlling or inspection of books, records, other documents or goods shall be punishable with a fine penalty of 10,000.00 (ten thousand) birr.
3) The Authority shall suspend license provision until the fault is corrected if the licensee fails to rectify his fault.
4) If the licensee delays to pay the payment owed to him for 1 (one) month, he shall pay additional 2% (two percent) on that payment.
5) Where the licensee fails to perform the payment provided under sub article 4 of this Article, after he is made to pay additional 2% (two percent) on the monthly payment required from him up to 6 (six) months, legal measure shall be taken on him based on the appropriate law.

6) Abbaan hayyamaa gabaasaafi riikardiiwwan raawwii hojii isaa agarsiisan afaan hojii naannichaatiniifi afaan ingiliizitiin yeroodhaan yoo hin dhiyeessine guyyaa gabaasni itti dhiyaachuu qabu irraa guyyaa 7 (torba) booddee hanga kurmaana itti aanutti guyyaa guyyaatti qarshii 500.00 (dhibba shan) ni adabama; walitti aansuun kurmaana 2 (lama) gabasaa kan hin dhiyeesine yoo ta'e waliigalteen isaa addaan ni cita; ittigaafatamummaa seeraa ni qabaata.

## Kutaa Kudhan
## Tumaalee Adda Addaa

### 68. Aangoo Qajeelfama Baasuu

1) Abbaan Taayitichaa Dambii kana raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.
2) Boordichi dhimmoota Dambii kanaan adda bahanii Qajeelfama akka baasu aangeffame irratti Qajeelfama baasuu ni danda'a.

### 69. Tumaalee Ce'umsaa

Hojiirra oolmaa Dambii kanaatiin dura dhimmoonni jalqabamanii jiran yookiin adeemsa raawwii irra jiran bu'uura seerota duraan jiraniin xumura kan argatan ta'u.

### 70. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### 71. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun guyyaa Amajjii 11, bara 2016 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,
Amajjii 11 Bara 2016

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

6) ባለ ፈቃዱ የሥራ አፈፃፀሙን የሚያሳዩ ሪፖርትና ሪከርዶችን በክልሉ የሥራ ቋንቋና በእንግሊዝኛ ቋንቋ በወቅቱ ካላቀረበ ሪፖርቱ መቅረብ ካለበት ቀን ከ7 (ሰባት) ቀን በኋላ እስከሚቀጥለዉ ሩብ ዓመት ድረስ በየቀኑ ብር 500.00 (አምስት መቶ) የሚቀጣ ይሆናል፡፡ በተከታታይ ለሁለት ሩብ ዓመት ሪፖርት ካላቀረበ ስምምነቱ ይቋረጣል፤ የሕግ ተጠያቂነትም ይኖርበታል፡፡

## ክፍል አስር
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

### 68. መመሪያ የማዉጣት ሥልጣን

1) ባለሥልጣኑ ይህን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡
2) ቦርዱ በዚህ ደንብ ተለይተው መመሪያ እንዲያወጣ ስልጣን በተሰጠው ጉዳዮች ላይ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

### 69. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች

ይህ ደንብ ከመዉጣቱ በፊት የተጀመሩ ወይም በአፈፃፀም ሂደት ላይ ያሉ ጉዳዮች ቀድሞ በነበሩት ህጎች ፍጻሚያቸውን የሚያገኙ ይሆናል፡፡

### 70. ተፈፃሚነት ስለማይኖራቸዉ ህጎች

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሠራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

### 71. ደንቡ ሥራ ላይ የሚዉልበት ጊዜ

ይህ ደንብ ጥር 11 ቀን 2016 ዓ/ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል

ፊንፊኔ
ጥር 11 ቀን 2016 ዓ/ም

ሽመልስ አብዲሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት

6) If the licensee fails to present the report and records indicating his work performances prepared in the working language of the Region and in English on time, he shall be punishable daily with a fine payment of 500.00 (five hundred) birr starting from the 7th day of presentation of the report up to the next quarter; and if he fails to present the report for 2 (two) consecutive quarters, his agreement shall be terminated; he also shall be subjected to legal responsibility.

## Part Ten
## Miscellaneous Provisions

### 68. Power to Issue Directive

1) The Authority may issue Directive for the implementation of this Regulation.
2) The Board may issue Directive on issues it has been specifically empowered by this Regulation to issue Directive.

### 69. Transitory Provisions

Issues started or are pending on the process of enforcement before the coming in to force of this Regulation shall get their final solution in accordance with the previous laws.

### 70. Inapplicable Laws

Any Regulation, Directive or Customary practice contradictory with this Regulation shall not be applicable on the matters covered under this Regulation.

### 71. Effective Date

The Regulation shall come into force as of 20th January, 2024.

Finfine
January 20, 2024

Shimelis Abdisa
President of Oromia Regional State